# Kallacha Oromiyaa

Jijjiirama hundagaleessaaf Odeeffannoo sirrii!

*Bara 32* *Lakk. 43* *Hagayya 29 bara 2017* *Gatiin qar. 20*


## "Pirojeektiin HHGI mallattoo jabinaafi ga'umsa uummata Itoophiyaati"

**Ministira Muummee Abiyyi Ahimad (PhD)**

*Kutaa Qophiitiin*

Pirojeektiin Hidha Haaromsaa Guddichi Itoophiyaa jabinaafi ga'umsa uummata Itoophiyaa kan agarsiisu, walqabachuufi ida'amuun hojii dinqisiisaa hojjechuun akka danda'amu kan barsiisudha jedhan Ministirri Muummee FDRI Abiyyi Ahimad (PhD).

Ministirri Muummee Dr.Abiyyi kana kan jedhan turtii Guubaarratti Gorsaa Dhimmoota Hawaasummaa isaanii kan ta'an Diyaaqon Daani'eel Kibrat waliin gaaffiifi deebii taasisaniini.

Itoophiyaanonnis ta'e hoggantoonni darbanis laga Abbayyaa hidhuuf fedhiifi yaada qabaachaa akka turan ibsaniiru.



Lammileenis fedhiifi hawwii walfakkaataa qabaachaa akka turan aartiin,barreeffamoota adda addaan, sirbaafi geerarsaan ibsachaa turuus ibsameera.

Haata'u malee fedhiifi hawwiin kun kan dhugoomuu kan danda'e dhaloota ammaatiin ta'uu eerameera.

Amma dhugoomuu kan danda'eefis jedhan, sirni siyaasaa naannawaa Itoophiyaa gad aantummaa keessa ba'ee sadarkaa fooyya'aatti ce'uurra waan ga'eef ta'uus ibsaniiru.

Hidhichi haala wal *Gara fuula 14tti*

## "Waldaan Misooma Oromiyaa misooma naannichaa saffisiisaa jira"

*Obbo Dajanee Itichaa*

*Kutaa Qophiitiin*

Waldaan Misooma Oromiyaa gaaddisa uummata Oromoo ta'uun misooma naannichaa saffisiisaa jira jedhan Daarikteerri Olaanaan Waajjira Olaanaa Waldaa Misooma Oromiyaa Obbo Dajanee Itichaa.



Daarikteerri Olaanaan Waajjira Olaanaa Waldaa Misooma Oromiyaa Obbo Dajanee Itichaa turtii addatti Biiroo Kominikeeshinii Oromiyaa waliin taasisaniin Waldaan Misooma Oromiyaa yeroo rakkinaa keessatti bara 1985 gaaddisa uummata Oromoo ta'uun lammii guutuufi sadarkaa addunyaatti dorgomaa ta'e horachuuf waldaa siyaasarraa bilisa ta'uun misooma naannichaa tumsuuf hundaa'e ta'uu ibsaniiru.

Rakkoon misoomaa mootummaa qofaan akka furamuu hin dandeenye hubachuun marii hayyootaan kaayyoowwan gurguddoo misooma barnootaa, du'a haadholiifi daa'immanii hambisuu, dhiyeessii bishaan dhugaatii qulqulluu, hojii kunuunsa naannoofi qabeenya *Gara fuula 14tti*

## Oomishaafi oomishtummaa qonnaa dabaluuf teeknoolojiitti fayyadamuun murteessaadha jedhame

*Bushiraa Aliitiin*

Biiroon Qonnaa Oromiyaa oomishaafi oomishtummaa qonnaa dabaluuf teeknolojii addunyaan fayyadamaa jirtu fayyadamuun hojii kunuunsa midhaanii biifaa keemikaalaa xiyyaaraa akka biyyaatti gaggeeffamu Godina Arsii Muneesaatti gaggeesseera.



Hogganaa Itti Aanaan Biiroo Qonnaa Oromiyaa Obbo Dajanee Hirphaa, naannichatti oomishaafi oomishtummaa qonnaa dabaluuf teeknolojii qonnaa fayyadamuun hojiin qonna ammayyeessuu xiyyeeffannoon hojjatamaa jiraachuu ibsan.

Biyyi keenya qamadii sadarkaa eeggate oomishuun seenaa hiyyummaafi kadhachuu bira darbitee wabii nyaataa mirkaneeffachuun seenaa haaraa galmeessaa jiraachuu himanii, naannoo keenyatti teeknolojii qonna ammayyaa babal'isuun *Gara fuula 14tti*

## Hoggansiifi ogeessi sektara fayyaa ittisaafi to'annoo HIV/AIDS irratti miira itti gaafatamummaan hojjechuu qaba jedhame

*Galaanaa Kumarraatiin*

HoogganssiifiOgeessi seektara fayyaa ittisaafi to'annoo HIV/AIDS irratti miira itti gaafatamummaan hojjechuu qabu jedhan Hogganaa Itti Aanaan Biiroo Fayyaa Oromiyaa Doktor Gushaa Balakoo.

Biiroon Fayyaa Oromiyaa Kilaastara Bahaafi Giddugaleessaatti raawwii Hojii Ittisaafi To'annoo HIV/AIDS bara 2017fi karoora hojiilee bara 2018 irratti Ittigaafatamtoota Waajjira Fayyaa Godinootaafi Magaalotaa, Qindeessitoota Sagantaa Ittisaafi To'annoo HIV/AIDS Hospitaalotaa akkasumas ogeessota saganticha qindeessian akkasuma dhaabbilee deggertootaa waliin tibba darbe Adaamaatti mari'ateera.

Gamaaggamaa kanarratti hoogganssiifi ogeessi seektarichaa bakka hundatti miira ittigaafatamummaa walfakkaatuun hojjechuu dhabuu, galma seektarichaa beekaniifi hojilee mul'ata seektarichaan madaaluu dhabuu, karoorarraa maquu, yeroo karoorfametti raawwachuu dadhabuu, miira tokkummaatiin hojii hoogganuu dhabuu, wal-amananii hojjechuu dhabuu, geggeessaan hojii hunda akka waan qofaa milkeessuutti yaaduun hanqinoota yeroo itti aanutti sirraa'uu qaban ta'uun ibsameera.

Waltajjii gamaaggamichaa haasaan kan banan Dr.Gushaan biirichi Naannoo Oromiyaatti hawaasa fayya qabeessa imala badhaadhinaa milkeessuu keessatti qoodasaa ba'u qabaachuuf xiyyeeffannaan hojjechaa jira jedhan.

Bara 2017 keessa hojii ittisaafi to'annoo vaayirasii HIV/AIDS irratti hojjetamaa tureen namoota miiliyoona 3fi kuma 472 qorannoon taasifameera jedhan haasaa taasisaniin. Namoota qorataman kanneen keessaas, kuma 10fi 724 keessatti vaayirasiin kun dhiigasaanii keessatti argamuu himan. Naannichatti namoonni kumni 133fi 284 ammoo yeroo ammaa qoricha fudhachaa jiru jedhan.

Akka Dr.Gushaan jedhanitti Naannoo Oromiyaatti yeroo ammaa facaatiin vaayirasii kanaa % 0.6 kan jiru ta'us, facaatiinsaa naannoo Magaalota naannichaa gurguddoorratti hammaachaa waan jiruuf xiyyeeffannaa guddaa barbaada jedhan. Godinaalee tokko tokkorrattis sababa of dagachuu hawaasaatiin *Gara fuula 3tti*

**Hiyyummaafi boodatti hafummaa maqsuudhaan badhaadhina dhuunfaafi maatii haa mirkaneessinu!**

# Beeksisa

## Arsii

Obbo Tashoomaa Waaqtolaa Roobalee waraqaan ragaa abbaa qabiyyee lafaa Kaartaa Lakk.isaa RH01359798, Lakk. Galmee 24066603,ballina iddoo $M^2$ 313.57 ,Sadarkaa iddoo $2^{ffaa}$ Lakk.iddoo OR002103110011, tajaajila iddoo mana jireenyaa,dheerina gamoo G+0, Aanaa Aleeluu keessatti argamu na jalaa badeera jedhanii iyataniiru.kanaafuu kan arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera jedhu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhihaatu. Waajjira Lafaa Magaaaa Shaashamannee

Obbo Jamaanaa Xilaahun Magaalaa Boqojjii Ganda Tulluu Yaa'aa ragaan abbaa qabeenyummaa kaartaa Lakk. isaa 2634/2004 ta'e, najalaa badeera jedhanii iyyataniiru. kanaafuu kaartaa kana namni arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera jedhu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. yoo dhihaachuu baate kan biraa kan kennamuf ta'uu beeksifna.Waajjira Lafaa Magaalaa Boqojjii

Obbo Jamaanaa Xilaahun Magaalaa Boqojjii Ganda Tulluu Yaa'aa ragaan abbaa qabeenyummaa kaartaa lakk.isaa 871/670/2017 ta'e, najalaa badeera jedhanii iyyataniiru. kanaafuu kaartaa kana namni arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera jedhu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti yoo dhihaachuu baate kan biraa kan kennamuf ta'uu beeksifna.Waajjira Lafaa Magaalaa Boqojjii

Obbo Awwal Amaan Garutee Magaalaa Shaashamanneetti kaartaan mana jireenyaa lakk.kaartaasaa OR002032113002,lakk.seer LH 0226415 ta'e,balina $M^2$ 141.75 irratti argamu na jalaa badeera jedhanii iyyataniiru. Kanaafuu kaartaa kana namni arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhihaatu.Waajjira Lafaa Kutaa Magaalaa Allachee.

Arabee H/Birkaa kaartaa lakk.isaa 0638662 ta'e,maqaa Rahimaa Amaaniin galmaa'ee beekkamu waan jalaa badeef kan biraa bakka bu'ee naaf haa kennamu jedhanii iyyataniiru. kanaafuu kan arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera jedhu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. yoo dhihaachuu baate ragaan biro hojjatamee kan kennamuuf ta'uu ni beeksifna.Waajjira Lafaa Magaalaa Dheeraa

**Obbo Yuusuuf Bayyaanitiif**
**Bakka jirtanitti**
Himataan Waldaa Askiyoona Baankii Raammisifi himatamaa isin jidduu falmii qarshii jiru ilaalchisee himatamaan kun mana murtii kanatti himatamuu keessan beektanii beellama gaafa 28/01/2018 sa'aatii 8:20 irratti dhihaattanii akka falmattan ibsaa, kan hin dhihaanne yoo ta'e,dhimmichi bakka isin hin jiretti kan ilaalamu ta'uu manni murtii ajajeera.Mana Murtii Olaanaa Magaalaa Shaashamannee

## Baale

Obbo Balaachoo Tolaa Bultoo lafa mana jireenyaa Bulchiinsa Magaalaa Roobee Kutaa Magaalaa Zeeybalaa Walashee Ganda Odaa Roobee keessatti maqaa isaaniitiin galmaa'ee argamu,lakk.galmee isaa 10284927 ta'eefi lakk.cittuu iddoo addaa OR015013802008 kan ta'e, najalaa badeera jedhanii iyyataniiru.kanaafuu kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti yoo dhihaachuu baate galmeen yeroo banameefii tajaajila barbaadan hunda kan kenninuuf ta'uu beeksifna.Waajjira Lafaa Magaalaa Roobee

Obbo Lataa Ida'aa mana jireenyaa Magaalaa Dinshoo Ganda 01 keessaa qaban Ballina $M^2$ 200 irratti argamu, gurguruu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhihaatu.Waajjira Mis/Mag/fi Bu'uuraalee Ganda Magaalaa Dinshoo

Obbo Lataa Ida'aa Fallaqaa mana jireenyaa Magaalaa Dinshoo Ganda 01 keessaa qaban ballina $M^2$ 200 irratti argamu gurguruu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhihaatu. Waajjira Mis/Mag/fi Bu'uuraalee Ganda Magaalaa Dinshoo

## Boorana

Obbo Godaanaa Kunnoo fi Aadde Qaalittii Soraa qabeenyummaa isaanii kan ta'e,mana jireenyaa Magaalaa Nageellee Booranaa Ganda Daanisaa Oliyyee keessatti maqaa Obbo Godaanaa Kunnootiin galmaa'ee ballina $M^2$ 444 irratti argamu lakk.kaartaasaa 8331/BMN/01/01/01 ta'e,Obbo Indaalee Warquutti gurgureera waan jedhaniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. yoo dhihaachuu baate gurgurtaan kun kan mirkanaa'uuf ta'uu ni beeksifna.Waajjira Lafaa Magaalaa Nageellee Booranaa.

Aadde Zannabech Gabramikaa'eelifi Aadde Haragawayin Gabarahiwoot Qabeenyummaa isaanii kan ta'e,mana daldaalaa Magaalaa Nageellee Booranaa Ganda Haala Gaaftiroo keessatti maqaa Zannabech Gabramikaa'eeliifi Aade Haragawayinitiin galmaa'ee ballina $M^2$ 668irratti argamu Lakk.Saayit Pilaaniisaa 470/2000 kan ta'e, B/B Aadde Masarat Goshuu, Obbo Yooseef Girmaafi Aadde Maa'idoot Girmaa T/Maariyaamitti gurguranneerra waan jedhaniif kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. yoo dhihaachuu baate gurgurtaan kun kan mirkanaa'uuf ta'uu ni beeksifna.Waajjira Lafaa Magaalaa Nageellee Booranaa

Aadde Masarat Goshuu fi Aadde Tiraas Goshuu Qabeenyummaa isaanii kan ta'e,mana daldaalaa Magaalaa Nageellee Booranaa Ganda Haala Gaaftiroo keessatti maqaa isaaniitiin galmaa'ee ballina $M^2$ 1314 irratti argamu Lakk. Kaartaa isaa 124/98 kan ta'e, Obbo Yooseef Girmaafi Aadde Maa'idoot Girmaatti gurguranneerra waan jedhaniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. yoo dhihaachuu baate gurgurtaan kun kan mirkanaa'uuf ta'uu ni beeksifna.Waajjira Lafaa Magaalaa Nageellee Booranaa

Obbo Jamaal Alii, Obbo Baabuu Aliifi Obbo Kamaal Alii qabeenyummaa isaanii kan ta'e,mana jireenyaa Magaalaa Nageellee Booranaa Ganda Malkaa Odaa keessatti maqaa Obbo Jamaal Aliitiin galmaa'ee ballina $M^2$ 300 irratti argamu lakk.kaartaasaa 11239/BMN/01/01/02 ta'e,Aadde Zahaaraa Abbabaatti gurgureera waan jedhaniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. yoo dhihaachuu baate gurgurtaan kun kan mirkanaa'uuf ta'uu ni beeksifna.Waajjira Lafaa Magaalaa Nageellee Booranaa

Obbo Zawuduu Alaminaw fi Aadde Yimanyi Kaasaa B/B Obbo Alii Mahaammad Alii qabeenyummaa isaanii kan ta'e,mana jireenyaa Magaalaa Nageellee Booranaa Ganda Bururii keessatti maqaa Obbo Zawuduu Alaminawutiin galmaa'ee ballina $M^2$ 400 irratti argamu ,lakk.kaartaasaa 3094/BMN/01/01/01 ta'e,Aadde Lubaabaa Sa'iid Juhaaritti gurgureera waan jedhaniif kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. yoo dhihaachuu baate gurgurtaan kun kan mirkanaa'uuf ta'uu ni beeksifna. Waajjira Lafaa Magaalaa Nageellee Booranaa

Obbo Daawwit Salamoonifi Aadde Na'imaa Yuusuuf qabeenyummaa isaanii kan ta'e,mana jireenyaa Magaalaa Nageellee Booranaa Ganda 02(Malkaa Odaa) keessatti ballina $M^2$ 200 irratti maqaa Obbo Daawwit Salamooniin galmaa'ee beekkamu,lakk.saayit pilaanii 1345/BMN/01/01/02 ta'e, Aadde Wasan Tamasgeenitti gurgureera waan jedhaniif kan mormu yoo jiraate beeksuifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhihaatu.Waajjira Lafaa Magaalaa Booranaa

Obbo Adan Yisaaq ,Aadde Bishaar Mursaal B/B Aadde Abshiroo Tamaam Mahaammad qabeenyummaa isaanii kan ta'e,mana jireenyaa Magaalaa Nageellee Booranaa Ganda Goobichaa keessatti ballina $M^2$ 250 irratti maqaa Obbo Adan Yisaaqiin galmaa'ee beekkamu,lakk.kaartaasaa 301/99 ta'e, Aadde Abdulqaadir Abdii Gufuutti gurgureera waan jedhaniif kan mormu yoo jiraate beeksuifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhihaatu.Waajjira Lafaa Magaalaa Booranaa

Obbo Abbabaa Kabbadaa Baalchaa fi Aadde Fiqraaddis Baqqalaa qabeenyummaa isaanii kan ta'e,mana jireenyaa Magaalaa Nageellee Booranaa Ganda 02(Malkaa Odaa) keessatti ballina $M^2$ 250 irratti maqaa Obbo Abbabaa Kabbadaa Baalchaatiin galmaa'ee beekkamu,lakk.kaartaasaa 4009/ BMN/01/01/02 ta'e, Aadde Alfiyaa Ayuubitti gurgureera waan jedhaniif kan mormu yoo jiraate, beeksuifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhihaatu.Waajjira Lafaa Magaalaa Booranaa

## Bunnoo Beddellee

Obbo Daargee Amaaree Asaffaa mana Godina Bunnoo Beddellee Magaalaa Beddellee Ganda Dirree Misoomaa keessaa qaban qabeenya hin sochoone maqaa Obbo Daargee Amaaree Asaffaatiin galmaa'ee jiru,waliigalteen liizii waan na jalaa badeef kan biraa bakka bu'ee naaf haa kennamu jedhanii iyyataniiru.kanaafuu namni ragaa kana arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. yoo dhihaachuu baate ragaa kan biraa bakka buufnee kan kenninuuf ta'uu ni beeksifna. Waajjira Lafaafi Eeggumsa Naannoo Magaalaa Beddellee

Obbo Husen Umar Godina Bunnoo Beddellee Magaalaa Beddellee Ganda Sh/Gootaa keessatti mana jireenyaa qabeenya hin sochoone maqaa galmaa'ee ballina $M^2$ 455 irratti argamu,lakk.kaartaasaa 128/87 ta'e,haadha warraa isaanii Aadde Zeenabaa Warquu waliin qaban,Obbo Ismaa'iil Mohaammaditti waan gurgurataniif kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. yoo dhihaachuu baate maqaa kan naanneessinuuf ta'uu ni beeksifna. Waajjira Lafaafi Eeggumsa Naannoo Magaalaa Beddellee

Obbo Eeliyaas Yaasin mana jireenyaa Godina Bunnoo Beddellee Magaalaa Beddellee Ganda Siddisaa keessatti qabeenya hin sochoone maqaa Obbo Eeliyaas Yaasiniitiin galmaa'ee ballina $M^2$ 200 irratti argamu,lakk.kaartaasaa L-0986/12 ta'e,Obbo Muusaa Misgaanuutti waan gurgurataniif kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. yoo dhihaachuu baate maqaa kan naanneessinuuf ta'uu ni beeksifna.Waajjira Lafaafi Eeggumsa Naannoo Magaalaa Beddellee

Aadde Fallaqechi Bafiqaaduu mana jireenyaa Godina Bunnoo Beddellee Magaalaa Beddellee Ganda 02 keessatti qabeenya hin sochoone maqaa isaaniitiin galmaa'ee ballina $M^2$ 500 irratti argamu,lakk.kaartaasaa 4489/2016 ta'e, Damee Rijaaluufi Bashaatuu Rijaaluutti waan gurgurataniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. yoo dhihaachuu baate maqaa kan naanneessinuuf ta'uu ni beeksifna.Waajjira Lafaafi Eeggumsa Naannoo Magaalaa Beddellee

Obbo Saamsoon Moosisaa Godina Bunnoo Beddellee Magaalaa Beddellee Ganda Abbaa Bokkuu keessatti mana jireenyaa qabeenya hin sochoone maqaa Obbo Saamsoon Moosisaatiin galmaa'ee jiru,haadha warraa isaanii waliin horatan , ballina $M^2$ 200 irratti argamu,lakk.kaartaasaa L-0556/09 ta'e,Obbo Muusaa Ahimaditti waan gurgurataniif kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu yoo dhihaachuu baate maqaa kan naanneessinu ta'uu beeksifna. Waajjira Lafaafi Eeggumsa Naannoo Magaalaa Beddellee

Obbo Kaasaahun Mulugeetaa mana jireenyaa Magaalaa Makkoo keessaa qaban lakk.kaartaasaa 375/2017 ta'e, ballina $M^2$ 250 irratti argamu, Obbo Shimmallis Gabreetti gurguruu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. yoo dhihaachuu baate gurgurtaan kun kan raawwatuuf ta'uu ni beeksifna.Waajjira Lafaa Aanaa Makkoo

Obbo Abdulfattaa Barseboo mana jireenyaa Magaalaa Beddellee Ganda Sh/Gootaa keessatti maqaa isaaniitiin galmaa'ee Aadde Soofiyaa Faaris waliin horatan , ballina $M^2$ 200 irratti argamu,qabeenya hin sochoone lakk.kaartaasaa L-0393/2008 ta'e, Obbo Milkeessaa Margaatti gurgureera jedhaniiru.kanaafuu kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. yoo dhihaachuu baate jijjiirraa maqaa kana kan raawwatuuf ta'uu ni beeksifna. Waajjira Lafaafi Eeggumsa Naannoo Magaalaa Beddellee

## Gujii

Obbo Rashaad Alii Ahimad mana jireenyaa lakk.isaa OR0430602012 kan ta'e rammaddii tajaajila iddoo (zoning) mana Jireenyaa irratti Bulchiinsa Magaalaa Adoolaa Woyyuu Ganda Gooroo Xilloo keessatti qabeenyaa hin sochoone ballina $M^2$ 180 irratti argamu lakk.Kaartaa isaa 3637/17 kan ta'e Obbo Abdulrazaaq Umaritti waan gurguraniif waliigalteen akka ragga'uuf iyyannoo isaanii dhiyeefataniiru. Kanaafuu, jijjiirraan maqaa waan raawwatuuf kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu, yoo hin dhiyaatiin waliigaltee dhiyaate fudhannee kan mirkanneesinuuf ta'uu ni beeksifna.Waajjira Lafaa Magaalaa Adoolaa Woyyuu

**Wabii nyaataa mirkaneessuun humna al-ergii keenya guddisuuf xiiqiin hojjenna!**

Kallacha Oromiyaa

Bara 1986 hundeeffame
Torbanitti al tokko guyyaa Kamisaa,
Biiroo Kominikeeshiinii Oromiyaatiin maxxanfama

Qindeessaafi Gulaalaa Muummee
Addunyaa Hayiluu
Itti aanaa Gulaalaa Muummee
Masarat Amanaa

Leyi'aawutiifi Dizaayinii
Yewubnesh Kabbadaa

Qopheessaa Beeksisaa
Guddataa Dhaabasaa

Lakk. Saan. Pos. 8741 E-mail kellechaoromiya@gmail.com Websaayitii :- www.kallachaoromiyaa.org Face Book:kellecha Oromiya Finfinnee Oromiyaa

# *Dubbii Ijoo*

## Ulaan Galaanaa Itoophiyaaf dhimma jiraachuuti!

Itoophiyaan biyya guddoo baay'ina uummataafi bal'ina lafaa qabduudha. Seenaa keessattis biyya birmadummaashee tikfachuun fakkeenya Afrikaa taateedha. Ulaa galaanaas waggoota dheeraaf qabdi turte. Haata'u malee shira alagaafi rakkoo keessooshii tureen Ulaa Galaanaarraa erga dhiibamtee waggoottan kurnan sadii ol guuteera.

Kanaanis sirna daldalaa geejjiba galaanarratti gaggeeffamuun bu'aa isheef malu dhabuu bira darbuun baasii hin malleef kan saaxilamaa jirtuudha. Dinagdeeshii keessaa dhibbantaa hedduu kiraa ulaa galaanaa kanaaf kaffalaa jirtis. Kunimmoo lakkoofsa uummataa saffisaan guddataa jiru waliin walbira yoo qabnu rakkoo dinagdee kana dandamachuun ni rakkisa.

Kana malees, faayidaawwan rogdaneessa ulaa galaanaa qabaachuun gama siyaasaa, dinagdeefi hawaasummaan argamuu danda'u kan dhabsiisaa jiruudha. Keessattuu ulaa galaanaa kana dhabuun walitti hidhaminsa naannichaa keessatti laafinsi akka dhufu jechuun murteessummaa ykn dhiibbaa uumtummaanshiis xiqqaateera.

Waanti hubatamuu qabu biyyoota addunyaa buufata galaanaa hin qabne 'land locked' ta'an afurtama keessaa Itoophiyaan biyya lakkoofsa baay'ina uummataan adda dureetti argamtuudha. Kunimmoo akka akaanaan itti fufnaan dhimma jiraachuufi jiraachuu dhabuu keenya ta'a.

Kana furuuf mootummaan carraaqqii cimaa taasisaa jira. Haata'u malee humni alagaa waggoota dheeraaf Itoophiyaa Galaana Diimaarraa dhiibaa ture har'as baandota keessoo keenyaan gulufuun shira adda addaa xaxaa jiraachuun icciitii uummatni Itoophiyaa hunduu hubatuudha. Humnootni alagaa laga Abbaayyaatti akka hin fayyadamne hojjetaa tureefi hojjetaa jiru ulaa galaanaas akka hin arganneef baandota keessoo keenyaa bituun ittiin shiraafi daba hedduu hojjechuu barbaadu. Kunimmoo yoomuu kan hin milkoofneef ta'uufi Itoophiyaan irree ilmaanshiin shira baandaafi baadaa(alagaa) irra aanaa deemuun xomboora injifannoo ni qabsiisti.

Kanaafimmoo tokkummaa keessoo keenyaa caalaatti cimsaa deemuu,sochii ulaa galaanaa argachuus karaa adda durummaa karaa nagaafi tarsiima'een ta'uu qabaata.

Kanaaf Mootummaan Itoophiyaaf ulaan galaanaa dhimma jiraachuufi jiraachuu dhabuu ta'uusaa amanuun karaa nagaatiin tarsimoo kennanii fudhachuu hordofuun biyyi keenya ulaa galaanaa akka qabaattuuf ejjennoo qabachuun hojjechaa jira. Tarkaanfii ulaa galaanaa argachuu dandeessisu karaa dippilomaasii biyyaa olkaasuunis hojiin hojjetamaa jiru sadarkaa idil-addunyaatti fudhatama olaanaa argataa dhufeera.

Kana waanta'eef uummatni naannoo keenyaa akkasumas lammilee biyyatti biyya keessaafi biyya alaa jiran hundi tattaaffii Mootummaan Jijjiiramaa ulaa galaanaa argachuuf taasisaa jiru keessatti dippiloomasii hawaasaa (citizen diplomacy) ta'uun,humna,beekumsaafi qabeenyaan shoora nurraa barbaadamu kamuu bahachuun milkaa'ina ykn injifannoo Hidha Haaromsa Guddicha Itoophiyaarratti gonfanne ulaa galaanaanis haa dabaallu.



## Hoggansiifi ogeessi seektara . . .

Aanaalee kana dura keessatti hin mul'anne keessatti mul'achaa jira jedhan.

Abbootiin Gadaafi Haadholiin Siinqee, Abbootiin Amantaafi Jaarsoliin biyyaa hawaasa barsiisuun murteessaadha kan jedhan Dr. Gushaan, hawaasnis of dagannaa keessaa ba'ee gara dhaabbilee fayyaa deemee qoratamuun fayyaasaa eeggachuu akka qabu dhaamaniiru.

## Jimmaa Horroofi moggaasa maqaashee

Aadaa Oromoo keessatti yeroo baayyee maqaan lafaa maqaa gosa ykn nama dhuunfaa laficharra qubateen moggaafamee argama.

Qorannoon seenaa akka ibsutti moggaasni maqaa Aanaa Jimmaa Horroo kan moggaafame maqaa obbolaawwan lamaa Jimmaafi Horroo jedhamanirraati jedhama. Jimmaan quxusuu, Horro ammoo hangafa Jimmaati. Kan isaan walitti dhufaniifis baroota 1462 keessa yeroo lola baballifannaa lafaa mootonni giddugaleessaa Qellemitti geggeessanitti gosa Oromoo Leeqaa Qellem kan ta'an (Mootii Jootee Tulluu) karaa Aanaa Begiin deggeruuf akka dhufan akkasumas bara 1880 keessa babal'ifannaa lafaafi amantaa Isilaamaaf Kiristaanaa gama Lixaan waan tureef lola Shoogileefi Arabaa ittisuuf Abbootii Gadaa Leeqaafi Abbootii Gadaa Horroon ajajamanii Horroo Guduruu har'aarraa ka'anii akka dhufan seenaan ni hima.

Haaluma kanaan Jimmaafi Horroon Horroo Guduruurraa dhufuun lafa daangaa Gidaamiifi Gaawoo Qeebbee gidduutti argamu akka qabatantuu himama. Jimmaafi Horroo erga Aanaa Jimmaa Horroo har'aarra ga'anii ijoollee horuu jalqaban. Horroo ilmaan shan horuun babal'atee jiraachaa kan jiru ta'uutu himama. Jimmas ilmaan afur kan hore yoo ta'u, ilmaan Jimmaa kan ta'an Gudayyaa, Tibbee, Nuunnuu, Waayyuu horuun babal'atanii jiru. Ilmaan Jimmaa kunneen yeroo ammaa kana Aanaa Jimmaa Horroo har'aarra qubatanii jiruufi jireenyasaanii geggeeffataa jiru.

Aanaan Jimmaa Horroo Godina Qellem Wallaggaatti kan argamtuufi Finfinneerraa km 641, magaalaa Dambidolloorraa km 133 fagaattee argamti. Aanattiin bal'ina lafaa waliigalaa hektaara kuma 50fi 200 kan qabdu yoo ta'u, olka'insa galaanaarraa meetira 1400 hanga 1800 gidduutti argamti.

Haalli qilleensashee Gammoojjii, Baddaafi Baddadareedha. Gosa oomishaa garaagaraatiifis mijattuudha. Aanaan Jimmaa Horroo osoo aanaa taatee of hin danda'iin dura Jimmaa Tibbee jedhamuun bara 1855 hanga 1972tti waamamaa turte. Bara 1972 hanga 1980tti immoo Jimmaa Horroo jedhamuun teessooshee Magaalaa Nuunnuu godhattee buluu eegalte. Bara 1981 hanga 1983tti ammoo Aanaa Gaawoo Qeebbee waliin walitti dabalamuun Gaawoo Jimmaa jedhamuun teessoonshee magaalaa Qeebbee ta'uun bulaa turte.

Aanattiin bara 1994 Aanaa Jimmaa Horroo jedhamtee teessooshee Magaalaa Nuunnuu godhachuun bulchiinsa of dandeesseen bulaa jirti.

Aanaan Jimmaa Horroo yeroo ammaa kana ganda qonnaan bulaa 21fi ganda magaalaa 1 kan qabduufi oomishaalee akka Boqqolloo, Xaafii, Qamadii, Garbuu, Bunaafi urgooftuu adda addaaf oomishuuf mijooftuudha. Dabalataanis bakkeewwan hawata turiizimii kanneen akka Holqa Kaarra Qawwee, Holqa Boolloo, Dhagaa Ahimed Giraanyi, Tulluu Diimtuufi kanneen biroollee kan qabdu yoo taatu, horsiisa beeladaa akkasumas oomisha dammaan kan beekamtudha.

Aanattiin yeroo ammaa kanas dhaabbilee tajaajila hawaasaa kanneen buufataafi kellaa fayyaa, manneen barnootaa sadarkaa tokkoffaafi lammaffaa, Dhaabbata BLTO kan qabdu yoo taatu daandii magaalattii qaxxaamuruun gara aanaa ollaa Gidaamii deemu gara asfaaltiitti guddisuun hojjetamaa kan jiruufi xiyyeeffannaa barbaadudha.

***Maatabee Jigsaa, Kominikeeshiinii Aanaa Jimmaa Horroorraa-Qellem Wallaggaa***

**Daldalli siyaasaa farra ol-aantummaa seeraafi heera mootummaa keenyaati!**

Obbo Taammiraat Salamoon mana jireenyaa lakk.isaa Aw/GOD/224 kan ta'e rammaddii tajaajila iddoo (zoning) mana Jireenyaa irratti Bulchiinsa Magaalaa Adoolaa Woyyuu Ganda D/Doolaa keessatti qabeenyaa hin sochoone ballina $M^2$ 265.5 irratti argamu lakk.Kaartaa isaa 4916/14 kan ta'e Obbo Maariqoos Hoxxeessaaitti waan gurguraniif waliigalteen akka ragga'uuf iyyannoo isaanii dhiyeefataniiru. Kanaafuu, jijjiirraan maqaa waan raawwatuuf kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu, yoo hin dhiyaatiin waliigaltee dhiyaate fudhannee kan mirkanneesinuuf ta'uu ni beeksifna.Waajjira Lafaa Magaalaa Adoolaa Woyyuu

---

Obbo Bahaayiluu Saffisaa mana jireenyaa rammaddii tajaajila iddoo (zoning) mana Jireenyaa irratti Bulchiinsa Magaalaa Adoolaa Woyyuu Ganda Q/Eebbaa keessatti qabeenyaa hin sochoone ballina $M^2$ 215 irratti argamu lakk.Kaartaa isaa 2296 kan ta'e Obbo Sharafaddiin Dargeebaatti waan gurguraniif waliigalteen akka ragga'uuf iyyannoo isaanii dhiyeefataniiru. Kanaafuu, jijjiirraan maqaa waan raawwatuuf kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu, yoo hin dhiyaatiin waliigaltee dhiyaate fudhannee kan mirkanneesinuuf ta'uu ni beeksifna.Waajjira Lafaa Magaalaa Adoolaa Woyyuu

---

Obbo Zagayyee Isheetuu Magaalaa Bulee Horaa Ganda Gooroo Abbayyii mana jireenyaa balbala tokkoo lakk. kaartaasaa BH/2790/Z.600/2014 ta'e ,ballina $M^2$ 405 irratti argamu Obbo Bilisaa Galgalootti gurgureera jedhaniiru. kanaafuu kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhihaatu.Waajjira Lafaa Magaalaa Bulee Horaa

---

Aadde Firisti Kabbadaa Magaalaa Bulee Horaa Ganda Gooroo Abbayyii mana jireenyaa balbala tokkoo lakk.kaartaasaa BH/1051/F.125/2013 ta'e ,ballina $M^2$ 240 irratti argamu, Obbo Kotooboo Soraatti gurgureera jedhaniiru.kanaafuu kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhihaatu.Waajjira Lafaa Magaalaa Bulee Horaa

---

Obbo Nabiyyuu Abdirqaair Magaalaa Bulee Horaa Ganda Ardaa Biyyaa mana jireenyaa qorqoroo balbala tokkoo lakk. kaartaasaa BH/2067/N-23/2014 ta'e ,ballina $M^2$ 312 irratti argamu, Obbo Gannalee Gammadeetti gurgureera jedhaniiru. kanaafuu kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhihaatu.Waajjira Lafaa Magaalaa Bulee Horaa

---

Aadde Daammanech Waaqoo mana jireenyaa qorqorroo balbala tokkoo lakk.kaartaasaa BH/6455/D.100/2010 ta'e ,ballina $M^2$ 220 irratti argamu ,Dastaa Arbootti gurgureera jedhaniiru.kanaafuu kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhihaatu.Waajjira Lafaa Magaalaa Bulee Horaa

---

Obbo Goobanaa Elamaa mana jireenyaa Magaalaa Shaakkisoo Ganda Biiqaa Fooraa keessatti maqaa isaaniitiin galmaa'ee ballina $M^2$ 200 irratti argamu Obbo Mulgeetaa Gosaayeetti gurgureera jedhaniiru,.kanaafuu kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti yoo dhihaachuu baate maqaa gara bitaatti kan naanneessinu ta'uu beeksifna. Waajjira Lafaa Bulchiinsa Magaalaa Shaakkisoo

---

Obbo Mulgeetaa Gosayee mana jireenyaa lakk.isaa OR003011407028 ta'e,Magaalaa Shaakkisoo Ganda Bantii Arbaa keessatti maqaa isaaniitiin galmaa'ee ballina $M^2$ 200 irratti argamu Obbo Eebbisaa Bulutaatti gurgureera jedhaniiru,.kanaafuu kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti yoo dhihaachuu baate maqaa gara bitaatti kan naanneessinu ta'uu beeksifna.Waajjira Lafaa Bulchiinsa Magaalaa Shaakkisoo.

---

Obbo Asfaawu Kabbadaa mana jireenyaa Magaalaa Shaakkisoo Ganda Dhugoo Awaxaa keessatti maqaa isaaniitiin galmaa'ee ballina $M^2$ 160 irratti argamu Obbo Lammeessaa Habtaamuutti gurgureera jedhaniiru,.kanaafuu kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti yoo dhihaachuu baate maqaa gara bitaatti kan naanneessinu ta'uu beeksifna.Waajjira Lafaa Bulchiinsa Magaalaa Shaakkisoo

---

Obbo Geetaabaloo Tashoomee mana jireenyaa Magaalaa Shaakkisoo Ganda Dhugoo Awaxaa keessatti maqaa isaaniitiin galmaa'ee ballina $M^2$ 160 irratti argamu, Obbo Lammeessaa Habtaamuutti gurgureera jedhaniiru,.kanaafuu kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti yoo dhihaachuu baate maqaa gara bitaatti kan naanneessinu ta'uu beeksifna.Waajjira Lafaa Bulchiinsa Magaalaa Shaakkiso

---

Obbo Addisuu Asaffaa mana jireenyaa lakk.isaa OR0030115081 ta'e,Magaalaa Shaakkisoo Ganda Bantii Arbaa keessatti maqaa isaaniitiin galmaa'ee ballina $M^2$ 200 irratti argamu Obbo Aasaffaa Guyyeetti gurgureera jedhaniiru,.kanaafuu kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti yoo dhihaachuu baate maqaa gara bitaatti kan naanneessinu ta'uu beeksifna.Waajjira Lafaa Bulchiinsa Magaalaa Shaakkisoo

---

Aadde Maartaa Nagaash mana jireenyaa Magaalaa Shaakkisoo Ganda Dhugoo Awaxaa keessatti maqaa isaaniitiin galmaa'ee ballina $M^2$ 200 irratti argamu Obbo Habtaamuu Nagaashitti gurgureera jedhaniiru.kanaafuu kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. yoo dhihaachuu baate maqaa gara bitaatti kan naanneessinu ta'uu ni beeksifna.Waajjira Lafaa Bulchiinsa Magaalaa Shaakkisoo

---

Obbo Nugusee Waaqoo mana jireenyaa lakk.isa OR0030040207009 ta'e, Magaalaa Shaakkisoo Ganda Fiiqaa Fooraa keessatti maqaa isaaniitiin galmaa'ee ballina $M^2$ 308 irratti argamu, Obbo Ejersaa Boruutti gurgureera jedhaniiru,. kanaafuu kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti yoo dhihaachuu baate maqaa gara bitaatti kan naanneessinu ta'uu beeksifna.Waajjira Lafaa Bulchiinsa Magaalaa Shaakkisoo

---

Obbo Jaalataa Saafayii mana jireenyaa Magaalaa Shaakkisoo Ganda B/Arbaa keessatti maqaa isaaniitiin galmaa'ee ballina $M^2$ 564 irratti argamu,lakk.kaartaasaa OR003011151008 ta'e, Obbo Saafayii Dambiitti gurgureera jedhaniiru,. kanaafuu kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti yoo dhihaachuu baate maqaa gara bitaatti kan naanneessinu ta'uu beeksifna.Waajjira Lafaa Bulchiinsa Magaalaa Shaakkisoo

---

Obbo Takkaalinyi Hayiluu mana jireenyaa Magaalaa Shaakkisoo Ganda Dhugoo Awaxaa keessatti maqaa isaaniitiin galmaa'ee ballina $M^2$ 400 irratti argamu Obbo Balaay Baqqalaatti gurgureera jedhaniiru,.kanaafuu kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti yoo dhihaachuu baate maqaa gara bitaatti kan naanneessinu ta'uu beeksifna.Waajjira Lafaa Bulchiinsa Magaalaa Shaakkisoo

---

Aadde Asagadachii Dassaalenyi, Aadde Sadiyaa Abduraman, Obbo Awaad Abduramani fi Obbo Zarihuun mana wal-makaa lakk.isaa OR003020401020 ta'e, Magaalaa Shaakkisoo Ganda Uddeeyyii keessatti maqaa isaaniitiin galmaa'ee ballina $M^2$ 250 irratti argamu ,Obbo Chokolii Birasoowutti gurgureera jedhaniiru,.kanaafuu kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti yoo dhihaachuu baate maqaa gara bitaatti kan naanneessinu ta'uu beeksifna. Waajjira Lafaa Bulchiinsa Magaalaa Shaakkisoo

---

Obbo Ballaxaa Kabbadaa mana jireenyaa lakk.isaa OR003020104019 ta'e , Magaalaa Shaakkisoo Ganda Dhugoo Awaxaa keessatti maqaa isaaniitiin galmaa'ee ballina $M^2$500 irratti argamu,irraa qoodanii ballina $M^2$ 250 Obbo Tsaggaayee Taddaleetti gurgureera jedhaniiru,. kanaafuu kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti yoo dhihaachuu baate maqaa gara bitaatti kan naanneessinu ta'uu beeksifna.Waajjira Lafaa Bulchiinsa Magaalaa Shaakkisoo

---

Obbo Seefuu Dirribaa mana jireenyaa Magaalaa Shaakkisoo Ganda Dhugoo Awaxaa keessatti maqaa isaaniitiin galmaa'ee ballina $M^2$ 400 irratti argamu Obbo Katamaa Magarsaatti gurgureera jedhaniiru,.kanaafuu kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti yoo dhihaachuu baate maqaa gara bitaatti kan naanneessinu ta'uu beeksifna. Waajjira Lafaa Bulchiinsa Magaalaa Shaakkisoo

---

Obbo Kaasahun Asaffaa mana jireenyaa Magaalaa Shaakkisoo Ganda Biiqaa Fooraa keessatti maqaa isaaniitiin galmaa'ee ballina $M^2$ 200 irratti argamu Obbo Birhaanuu Hordofaafi Aadde Zarfee Gammadeetti gurgureera jedhaniiru,.kanaafuu kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti yoo dhihaachuu baate maqaa gara bitaatti kan naanneessinu ta'uu beeksifna.Waajjira Lafaa Bulchiinsa Magaalaa Shaakkisoo

---

Obbo Gammadaa Baqqalaa mana jireenyaa Magaalaa Shaakkisoo Ganda Uddeeyyii keessatti maqaa isaaniitiin galmaa'ee ballina $M^2$ 200 irratti argamu Obbo Damboobii Xeellootti gurgureera jedhaniiru,.kanaafuu kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti yoo dhihaachuu baate maqaa gara bitaatti kan naanneessinu ta'uu beeksifna.Waajjira Lafaa Bulchiinsa Magaalaa Shaakkisoo

---

Obbo Ashaanaaf Sisaay mana jireenyaa Magaalaa Shaakkisoo Fiiqaa Fooraa keessatti maqaa isaaniitiin galmaa'ee ballina $M^2$ 200 irratti argamu Obbo Massalee Misgaanawuutti gurgureera jedhaniiru,.kanaafuu kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. yoo dhihaachuu baate maqaa gara bitaatti kan naanneessinu ta'uu beeksifna.Waajjira Lafaa Bulchiinsa Magaalaa Shaakkisoo

---

Aadde Dammituu Lammaa mana jireenyaa Magaalaa Shaakkisoo Ganda Uddeeyyii keessatti maqaa isaaniitiin galmaa'ee ballina $M^2$ 200 irratti argamu Aadde Kaasechii Asaffaatti gurgureera jedhaniiru.kanaafuu kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti yoo dhihaachuu baate maqaa gara bitaatti kan naanneessinu ta'uu beeksifna.Waajjira Lafaa Bulchiinsa Magaalaa Shaakkisoo.

# Harargee

Obbo Mahaammad Umar mana jireenyaa Magaalaa Ciroo Ganda Araddaa Maddaa Beekkumsaa keessatti argamu,lakk. kaartaasaa 1/814/83 ta'e ,na jalaa badeera jedhanii iyyataniiru.kanaafuu kaartaa kan namni arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 10 keessatti haa dhhaatu.Waajjira Lafaa Magaalaa Ciroo

---

Dhaaltota Tuujii Aliyyii Raabsaa boba'aa Lakk.kaartaasaa BMC-7230/04/<<00>> ta'e, na jalaa badeera jedhanii iyyataniiru.kanaafuu namni kaartaa kan arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 10 keessatti haa dhiyaatu. kan hin dhihaanne yoo ta'e,haaraa bakka buufnee kan kenninuuf ta'uu ni beeksifna.Waajjira Lafaa Magaalaa Ciroo.

# Iluu Abbaa Boor

Obbo Nagaash Muusaa mana jireenyaa Magaalaa Mattuu Ganda G/Odaa keessaa qaban lakk,kaartaasaa 563/98 ta'e,ballina $M^2$ 262.75 ,sadarkaa 2ffaa,tajaajila alafaa R1 ta'e,karaa bakka bu'aa Obbo Anuwaar Nagaashiin Aadde Samiiraa Mahammaditti gurguradheera jedhanii iyyataniiru,kanaafuu kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhihaatu.Waajjira Lafaa Bulchiinsa Magaalaa Mattuu

---

Obbo Gizaachoo Iraashoo mana qorqoroo balbala tokko tajaajila R3 kan ta'e, Magaalaa Laaloo Ganda 01 keessatti maqaa isaaniitiin galmaa'ee balia $M^2$ 200.2 ta'e,lakk. kaartaasaa 0089275 ta'e,Obbo Kifilee Addisuutti waan gurguratanii maqaan akka jijjiiramu gaafataniiru.kanaafuu kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhihaatu.Waajjira Lafaa Aanaa Diiduu

---

Obbo Buzaayyoo Yoosef mana jireeyaa balbala tokkoo lakk.kaartaasaa 576/WQHL/2017 ta'e,ballina $M^2$ 200 irratti argamu,Obbo Toofiq Nuuruutti gurgurachuu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kn bahee guyyaa 20 keessatti haa dhihaatu.Mana Qopheessaa Guddattuu Magaalaa Bachoo

---

Obbo Darajee Mokonon mana jireenyaa Magaalaa Hurrumuu keessaa qaban Wandimuu Leegeseetti gurguradheera jedhaniiru.kanaafuu kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhihaatu.Waajjira Lafaa Aanaa Hurrumuu

---

Obbo Girmaa Bayyanaa mana jireenyaa Magaalaa Hurrumuu keessaa qaban Obbo Gammachuu Habtaamuutti gurguradheera jedhaniiru.kanaafuu kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhihaatu. Waajjira Lafaa Aanaa Hurrumuu.

---

Aadde Taarikee Taammiruu mana jireenyaa balbala tokkoo lakk.kaartaasaa 579/WQHL/2017 ta'e,ballina $M^2$ 200 irratti argamu, Obbo Husseen Mohaammaditti waan gurgurataniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 yoo dhihaachuu baate jijjiirraan maqaa kan raawwatuuf ta'uu beeksifna.Mana Qopheessaa Guddattuu Magaalaa Bachoo

---

Obbo Nagaash Lammaa mana jireenyaa balbala tokkoo lakk.kaartaasaa 577/WQHL/2017 ta'e,ballina $M^2$ 200 irratti argamu Obbo Mokonnin Naggaatti waan gurgurataniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 yoo dhihaachuu baate jijjiirraan maqaa kan raawwatuuf ta'uu beeksifna.Mana Qopheessaa Guddattuu Magaalaa Bachoo

# Jimma

Aadde Balaayinesh Tasfaayee fi Obbo Tasammaa Hajii Yusuuf qabiyyee mana jireenyaa Magaalaa Aggaaroo Ganda Biiftuu Baaltoo keessatti argamu ,lakk.kaartaasaa 146191/02 ta'e,maqaa Balaayinesh Tasfaayeetiin galmaa'ee jiru, hojii misoomaa Investimantiif waan barbaadaniif namoonni qabiyyee kanarraa mirga qabna jedhu ykn kan mormu yoo jiraate,beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti ragaa seera qabeessa qabattanii akka dhihaattan ibsaa, kan hin dhihaanne yoo ta'e,bu'uura seeraatiin kan raawwatamuuf ta'uu ni beeksifna.Waajjira Lafaa Magaalaa Aggaaroo.

# Shawaa

**Caalbaasii**

Himataan Bawuqatuu Sibahaat Warqali'uulifi himatamtuun Aadde Itaaganyi Addunyaa gidduu falmii raawwii qabeenya dhaalaa jiru ilaalchisee mana jireenyaa Kutaa 6 qabu Kutaa Magaalaa Furii Aanaa Gadaa Faajjii keessatti ballina $M^2$ 123 irratti argamu gatii ka'umsa caalbaasii qarshii 329,039.25tiin gaafa 16/01/2018 sa'aatii 4:00 - 7:00tti caalbaasiin waan gurguramuuf namoonni dorgommuun bitachuu barbaaddan ¼ CPO baankitti qabsiisuun dorgomuu kan dandeessan ta'uu manni murtii ajajeera.Mana Murtii Aanaa Kutaa Magaalaa Furii

**Qabeenya uumamaa itti fufiinsaan kunuunsuun, dinagdee magariisaa jijjiirama qilleensaa damdamatu ijaarra!**

# Aadaa

*Oliifan Raggaasaa*

# Walargii: Gadaa Booranaatti sirna ijoolleen gulantaa Gaammee Gurguddaa jila nyaachisaaf walargan



Uummanni Oromoo saba guddaa aadaafi duudhaa sirna Gadaa, kan ittiin bulmaataa gosaan yookiin gitaan osoo gargar hin baasiin, sirna bulchiinsaa dimookiraataawaa hawaasni hunduu haala walqixxummaa qabuun keessatti qooda fudhatuun bulaa tureedha. Sirni Gadaa mallattoo tokkummaa, wiirtuu araaraafi nagayaa kan siyaasaa, diinagdeefi hawaasummaa uummatichaa yeroo dheeraaf qajeelchaa tureedha.

Dhiibbaa sirnoonni dhufaa darbaa yeroo dheeraaf uummata Oromoo irraaan gahaa turaniin sirni Gadaa Oromoofi duudhaaleen isaa bakka hedduutti laaffatullee, bakka tokko tokko tokkotti itti cichuun sirni kun osoo hin sharafamin tikfamuun dhalootarraa dhalootatti darbee as dhaqqabeera.

Oromoon Booranaa gosoota Oromoo sirna Gadaa osoo gadi lakkisin ittiin jiraachuun lubbuu itti horee kunuunsee asiin kan gahe keessaa isa angafaati. Oromoon Booranaa akkuma barootа dheeraaf sirna Gadaa kunuunsee, Gooroo gadoomaa marmaaree, jiloota adda addaa jilatee sirna Gadaa asiin gahe yeroo ammaa kana jila wal-argii gaggeessuurratti argama. Jilli kunis jila wal-argiiti.

Hawaasa Oromoo Booranaa biratti ilmi dhiiraa kan "Ilmaan kormaa" ta'ee dhalate tokko gulantaa sirna Gadaa Dabballee irraa kaasee Gooroo marmaaruun gara gulantaa sirna Gadaa itti aanuutti darba. Gooroo Dabbaloomaa erga xumureen booda waggoota 16fi gulantaa Gaammee Didiqqoof Gaammee Gurgurdoo keessa darbee gara Kuusaatti ce'a. Gaammee Gurgurdoorraa gara Kuusaa ce'uuf jiloota garaagaraa ardaalee jilaa garaagaaratti gaggeessuun Gooroo marmaaru. Jiloota kana keessaa Jilli wal-argiifi nyaachisaa isaan murteessoodha.

Wal-argii jechuun ijoollee luba tokkoo kan Gulantaa Gaammee Gurguddoo ta'an, kan sirna qophii jila nyaachisaa gaggasuudhaaf wal argan jechuudha. Sirni wal-argii kun waggaa saddeet keessatti yeroo tokko kan raawwatamu yoo ta'u, kaayyoon isaas; ijoollee nyaachisa nyaachuuf qophooftu kana wal barsiisuuf, tokkummaa lubaaf Gogeessaa cimsuu, ijoollee Gaammee leenjisuun aadaa, hubannaa sirna Gadaa akka horatan taasiisuudha.

Wal-argii jalqabuun duratti abbootiin ijoollee wal-argiif qophooftuu wal-arguun ni eebbifatu. Sirna eebbaa kanarratti sirna wal-argii kana akkamitti haala milkii'ana qabuun xumurra kan jedhu irratti erga wal gaafatanii booda eebbifachuun gargar qayee ofiitti qalu. Wal-argiin jalqabaa Gumii Gaayoo qayee Abbaa Gadaa yoo ta'uu, wal-argiin booda namuu bakka dhufetti deebi'uun sirnicha gaggeessa.

Wal-argii jalqabuuf duratti kutaalee Oromoo Booranaa sirni kun gaggeeffamu hundatti Moonaa Deebanuu ykn Moonaa Balloo erga filataniin booda jalqabu. Moonaa balloo jechuun luba sirna wal-argii waliin gaggeessaa jiru keessaa moonaa angafaa ykn moonaa dureessaa jechuudha. Sirna wal-argii kana wayita gaggeessaan ilmaan badhaadhaa irraa nyaachisa nyaatti. Ilmaan Badhaadhaa jechuun ijoollee luba tokkoo kan sirna nyaachisa dhufuuf qophaa'uuf jecha wal-argan keessaa ilmaan abbaan isaanii daangaarratti wareegame ykn lubbuu qaalii sabaaf wareege jechuudha. Kanaafuu ilmaan Badhaadhaa jechi jedhu jecha afaan seedaa yoo ta'uu, ilmaan abbaa hin qabne jechuudha. Yeroo sirna wal-argii gageessaa jiranitti ilmaan Badhaadhaa ykn ilmaan abbaa hin qabnerraa nyaachisa nyaachuun wanni barbaachiseef inni guddaan Oromoon maatii wareegamtootaaf dursa kennuu isaa argisiisa.

Gogeessa ykn luba ijoollee Gaammee gurgurdoo kan ta'ee, namni maatiinsaa sirna wal-argii ykn sirna nyaachisaa kanarratti akka hin hirmaanneef dhorlamu kan jiru yoo ta'u, namni dhorkamu kun araamuu Kobuu jedhama. Araamuu Kobuu jechuun nama hawaasa keessatti seenaa xuraawaa akka dubra gudeeduu, fira waliin ciisuu ykn haadhaaf abbaa dhaanuu faa raawwate jechuudha. Araamuu Kobuun haawasa waliin gooroo hin marmaaru; daangaa uummata waliin hin eegu. Kun immoo namni biraa akka irraa baratuuf fayyada.

Ilmaan Badhaadhaa eennu akka ta'aniif moonaan bal'oo kamirraa akka jalqaban erga murteessaniin booda jila jalqabatu. Ijoolleen wal-argii tun dhuftee ollaa bira geettee sangaa qalachuuf yeroo jettutti angafi warra kana jedhee murata. Murtee kana wayita muratanis akkas jedhu;

> "Haayi Haayi
> Haayi jechaan dubbii
> Dubbataa uumi, ka uumte bulchi
> Laduu uumi, ka uumte bulchi
> Bokkuu uumi, ka uumte bulchi
> Qaalluu uumi, ka uumte bulchi
> Tuuta gurmeessi, nu kaayomsi
> Nu gaaromsi, jila obbaasi" jechuun waaqa kadhatu.

Sadarkaa Gaammee Gurgurdoo kanatti ijoolleen dandeettiifi ga'umsa aartii, gootummaa, cimina qaamaa ykn jabeennaaf qaroomina garaagaraatiin waan madaalamaniif xiyyeeffannootu isaan irraa eegama. Daangaa eeguu bira darbee aartii uummata Oromoo guddisuu keessatti gaheen Gaammee gurgurdoon qabdu kun guddaadha. Sirboota kana keessaa "Iyyan Mokkee" kan jedhu isa tokko. Iyyan Mokkee kana jedhanii sirbu;

| | |
|---|---|
| "Hoyyoyyoo raaboo yaayyoo | Oohoo Raabumaa |
| Guddannee raaboo taanoo | Oohoo Raabumaa |
| Gobbannee goduu taanoo | Oohoo Raabumaa |
| Hoyyoo Kilxaa Godoo | Oohoo Raabumaa |
| Kukurfoo Gaammee Godoo | Oohoo Raabumaa |
| Godaanaan Ali Karoo | Oohoo Raabumaa |
| Ali Karoon miinyoo kormoo | Oohoo Raabumaa |
| Kormoomee didhaa ba'oo | Oohoo Raabumaa |
| Geeraree qoonqoo ba'oo | Oohoo Raabumaa |
| Geeraraa qoonqoo faayoo | Oohoo Raabumaa |
| Guurrataa martii handaaroo | Oohoo Raabuma |
| Cokataa wayaa aamoo | Oohoo Raabumaa" |

edhanii wal jalqabaa taphachaa sirbu.

Walumaagalatti, turtii waggaa saddeetiin booda ilmaan Guyyoo Gobbaa Bulee sirna wal-argii gaggeessaa kan jiru yoo ta'u, wal-argichi ardaa jila Gumii Gaayoo Moonaa Abbaa Gadaa 70ssoo Guyyoo Gobbaa Buleetiin jalqabuun sirna wal-argii gaggeessaniiru.

**Caalbaasii**

R/Himataan Obbo Yoonaas Hayiluu fi R/himattuun Aadde Buziyyee Marshaalloo gidduu lixxuun Dubree Hayimaanoot Hayiluu falmii H/Hawaasaa raawwachiisaa jiru ilaalchisee mana jireenyaa Magaalaa Adaamaa Kutaa Magaalaa Luugoo Aanaa Migiraa keessatti maqaa Hayiluu Xilaahuniin galmaa'ee ballina $M^2$ 330 irratti argamu gatii ka'umsaa caalbaasii qarshii 923.104tiin caalbaasiin gaafa 10/01/2018 sa'aatii 2:30 - 6:30 adeemsifamuuf namoonni dorgomtanii bitachuu barbaaddan guyyaafi sa'aatii jedhametti iddoo manichi itti argamutti dhihaattanii ka'umsa caalbaasii ¼ CPO qabsiistanii dorgomtanii bitachuu kan dandeessan ta'uu manni murtii ajajeera.Mana Murtii Aanaa Kutaa Magaalaa Luugoo

---

Obbo Mallasaa Xilaahuun Kaartaa Lakk. isaa S/27669/2002, Lakk. Galmee M-3573 kan ta'eef Nagahee Lakk.isaa 2514936 kan ta'e maqaa isaaniitiin galmaa'ee kennameef Galmee waajjira lafaa keessa jiru yeroodhaaf Mana Galmee keessaa na jalaa badeera jedhanii iyyataniiru.kanaafuu Galmee kana namni arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 30keessatti tooftaa kamiinuu yoo beksifachuu baate ragaan abbaa qabiyyee (Galmee) kan biraa baafachuu kan danda'an ta'uu ni beeksifna.Bulchiinsa Magaalaa Shaggaritti Waajjira Lafaa Kutaa Magaalaa Furii

---

Obbo Daagim Alamaayyoo Magaalaa Bishooftuu Kutaa Magaalaa Duukam Aanaa Oddaa Nabii keessatti qabiyyee dhaabbataa Kaartaa Lakk.isaa Co369/95 ta'e, ballina $M^2$ 4000 irratti argamu, ragaan Kaartaa orjinaala, Pilaanii, Eeyyama ijaarsaa waan na jalaa badeef kan biraa bakka bu'ee naaf haa kennamu jedhanii iyyataniiru. Kanaafuu kan arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 21 keessatti haa dhiyaatu.yoo dhihaachuu baate kan biraa bakka buufnee kan kenninuuf ta'uu ni beeksfna.Waajjira Lafaa Magaalaa Bishooftuu

---

**Caalbaasii**

M/A/Mirgaa Obbo Maannee Abaataa fi M/A/Idaa Obbo Heenook Ingidaafi Aadde Lamalam Xilaahuun gidduu falmii himannaa raawwii jiru ilaalchisee mana jireenyaa Lakk.addaa cittuu isaa OROO1142603005 kan ta'e Magaalaa Adaamaa Aanaa Hangaatuu keessatti karee meetira 180.44irratti maqaa murtii abbaa idaatiin 2ffaattiin galmaa'ee argamu gatii ka'umsaa caalbaasii qarshii 3,069,799.49tiin gaafa 27/01/2018 sa'aatii 3:00 - 6:30 caalbaasii ifa ta'een waan gurguramuuf, namoonni caalbaasii kanarratti dorgomtanii bitachuu barbaaddan guyyaafi sa'aatii jedhametti iddoo manichi argamutti dhiyaattanii ka'umsa caalbaasii 25% CPO yoo caalbaasii mo'achhuu baate kan deebi'uuf Baankii Siinqeetti qabsiistanii dorgomtanii bitachuu kan dandeessan ta'uu manni murtii ajajeera.Mana Murtii Olaanaa Magaalaa Adaamaa.

---

Aadde Halfuu H/Amaan Magaalaa Adaamaa Kutaa Magaalaa Boolee Aanaa Dhakaa Adii keessatti kaartaan mana jireenyaa Lakk.isaa 10892 kan ta'e, maqaa isaaniitiin galmaa'ee kennameef kaartaan orjinaalli harka isaanii jiru waan na jalaa badeef kan biraa bakka bu'ee naaf haa kennamu jedhanii iyyataniiru.kanaafuu qaamni kaartaa kana arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhihaatu.Waajjira Lafaa Aanaa Dhakaa Adii.

---

Aadde Hayimaanoot Isheetuu ragaan faayila qabiyyee Magalaalaa Hoolataa Ganda Galgal Kuyyuu keessaa qaban kaartaa Lakk.isaa WLMH/1102348/16 ta'e,na jalaa badeera jedhanii iyyataniiru.kanaafuu qaamni kaartaa kana arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 30 keessatti hin dhihaanne yoo ta'e,haaraan kan kennamuuf ta'uu beeksifna.Waajjira Lafaa Magaalaa Hoolataa

---

Aadde Baayyushee Kabbadaa Nagahee Lakk.isaa 383151 kan ta'e, Lakk. Galmee B-112 kan ta'e maqaa isaaniitiin galmaa'ee kennameef na jalaa badeera jedhanii iyyataniiru. kanaafuu Nagahee kana namni arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 30keessatti tooftaa kamiinuu yoo beksifachuu baate ragaan abbaa qabiyyee (Nagahee) kan biraa baafachuu kan danda'an ta'uu ni beeksifna.Bulchiinsa Magaalaa Shaggaritti Waajjira Lafaa Kutaa Magaalaa Furii

---

Obbo Amantee Mirreesaa Bulchiinsa Magaalaa Shaggar Kutaa Magaalaa Galaan keessatti mana jireenyaa kennameefii qaban nagaheen duraa lakk.isaa 0945120 ta'e,maqaa Obbo Xilaayee Baqqalaatiin galmaa'ee jiru, na jalaa badeera jedhanii iyyataniiru.kanaafuu namni ragaa kana arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. yoo dhihaachuu baate nagaheen duraa akka badetti tilmaamamee footoo koppiin orjinaalaa kan kennamuuf ta'uu ni beeksifna. Waajjira kaadaasteraa Kutaa Magaalaa Galaan.

---

Obbo Katamaa Baqqalaa nagahee lakk.isaa 1880304 ta'een galmaa'ee kennameef najalaa badeera jedhanii iyyataniiru. kanaafuu idaadhaanis ta'ee,haala birootiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 30 keessatti tooftaa kamiinuu yoo beeksifachuu baate ragaan abbaa qabiyyee nagaheen biro kan kennamuuf ta'uu beeksifna. Waajjira Lafaa Kutaa Magaalaa Furii

---

**Aadde Mastuu Dirribaatiif**
**Bakka jirtanitti**

Himataan Obbo Dajanee Caaliifi waamamtuu isin jidduu falmii murtii badiinsaa jiru ilaalchisee waamamtuun kun mana murtii kanatti himatamuu keessan beektanii beellama gaafa 28/01/2018 sa'aatii 8:30 irratti dhihaattanii akkaa falmattan manni murtii ajajeera.Mana Murtii Aanaa Kutaa Magaalaa Dukam

---

Obbo Iyyoob Asaffaa ragaan faayila qabiyyee Magalaalaa Hoolataa Ganda Saadamoo keessaa qaban Kaartaa Lakk.isaa WBLEN/353/2002 ta'e, na jalaa badeera jedhanii iyyataniiru. kanaafuu namni kaartaa kana arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 30 keessatti hin dhihaanne yoo ta'e,haaraan kan kennamuuf ta'uu beeksifna.Waajjira Lafaa Magaalaa Hoolataa

---

3. Dorgomtoonni sanada caalbaasii guyyaa beeksfni kun Gaazeaa kallacha Oromiyaatiin ba'ee eegalee yeroo hundaa sa'aatii hojii mallaqa hin deebine qarshii 100.00 kaffaluun kutaa bittaa waajjira keenyaa lakk.02tti dhiyaachuun 29/12/2017 irraa jalqabee hanga sa'aatii 11:30tti sanadicha bitachuu ni danda'u.
4. Dorgomaan kamiyyuu kabachiisa caalbaasiif kan oolu gatii tilmaama bittaa waliigalaa %2 maqaa waajjira maallaqaa Aanaa Liibanitiin cheekii (CPO) Baankiitiin mirkanaa'e sanada Orijinaala caalbaasichaa waliin qabsiisee dhiyeessuu qaba.
5. Dorgomtoonni sanada caalbaasii Meeshaalee, Qulqulleessaa fi dhaabbii xixiqqaa poostaa saamsamnii orjinaalaafi koppii adda baasuun guyyaa 12/01/2018 sa'aatii 4:00 hanga 6:00tti Waajjira maallaqa Aanaa Libanitti saanduqa caalbaasichaaf qophee keessa galchuu qabu.
6. Caalbaasichi Meeshaalee, qulqulleessaa fi dhaabbii xixiqqaa gaafa 12/01/2018tti sa'aatii 8:30tti dorgomtoonni ykn bakka bu'oonni seera isaanii, akkasumas taajjabdoonni bakka argamanitti galma Waajjia Maallaqaa Aanaa Liiban keessatti ni banama.
7. Dorgomtoonni sanada caalbaasichaa Meeshaalee dhaabbiifi, Elektirooniksii poostaa samiin saamsameen, orijinaalaa fi koppii addaan baasuun guyyaa 13/01/2018 sa'aatii 4:00 hanga sa'aatii 6:00tti Waajjira Maallaqaa Aanaa Liibanitti saanduqa caalbaasicha kanaaf qophaa'e keessa galchuu qabu.
8. Caalbaasichi meeshaalee dhaabbi gaafa 13/01/2018tti sa'aatii 8:00irratti meeshaalee Elektirooniksii 13/01/2018 sa'aatii 10:00irratti dorgomtootni ykn bakka bu'oonni seera isaanii, akkasumas taajjabdoonni bakka argamanitti galma Waajjia Maallaqaa Aanaa Liiban keessatti ni banama.
9. Caalbaasichi meeshaalee korboo konkolaataa, Motorsaayikilii, Uffata seeraa fi Gatii Hodhaa poostaa samiin saamsameen Orijinaalaa fi koppii addaan baasuun hanga guyyaa 13/01/2018 sa'aatii 4:00 hanga sa'aatii 6:00tti Waajjira Maallaqaa Aanaa Liibanitti saanduqa caalbaasichaa kanaaf qophaa'e keeessa galchuu qabu.
10. Caalbaasichi meeshaalee korboo konkolaataa, Mootor saayikilii Uffata seeraa fi Gatii Hodhaa gaafa 13/01/2018 sa'aatii 8:00irratti dorgomtoonni ykn bakka bu'oonni seera isaanii, akkasumas taajjabdoonni bakka argamanitti galma Waajjira Maallaqaa Aanaa Liibanitti keessatti ni banama.
11. Mo'ataan caalbaasiitiif qarshiin kan kaffalamuuf Meeshaalee mana kuusaa Waajjira Maallaqaa Aanaa Liibanitti Moodela 19 erga galchee fi Nagahee seera qabeessa erga dhiyeesseen booda kan kaffalamuuf ta'a. mo'ataan caalbaasii meeshaalee ittiin mo'ate hunda hanga Waajjira Maallaqaa Aanaa Liibanitti dhiyeessuu qaba.
12. Afaan caalbaasichaa Afaan Oromiootiin

Waajjirichi filannoo fooyya'e yoo argate caalbaasicha guutummaa guutuutti ykn gar-tokkee isaa haquudhaaf mirgi isaa seeraan kan eegameedha.**Odeeffannoo Dabalataaf Lakk. Bilbilaa 0464450641 lakk.Mob.0912198352 ykn 0911096002 Waajjira Maallaqaa Aanaa Liiban.**

---

**Caalbaasii Bittaa Meeshaalee Bara 2018**

Waajjirri Maallaqaa Aanaa Mooyyalee **Meeshaalee Dhumeeyyii Biiroo Keessaa, Meeshaalee Dhaabbii, Meeshaalee Elektirooniksii, Goommaa Konkolaataa, Uffata Seeraa hojjattootaa fi Nyaata adda addaa** bara baajataa 2018 tiif Sekteraalee aanaatiif barbaachisan dorgomtootaa ulaagaa guutan dorgomsiisuun bituu barbaada. Kanaaf daldaltoonni hujii akkanaa irratti bobbaatan **hayyama daldalaa bara 2018 haarawoomfame, waraqaa ragaa galmee dhiyeessummaa fi waraqaa ragaa galmaayaa vaatii ta'uu keessan agarsiisu** koppii isaa qabachuun guyyaa beeksifni kun bahe irraa kaasee waajjira maallaqaa aanaa Mooyyalee kutaa adeemsaa bittaatti argamuun sanada caalbaasii qarshii hin deebine **500 (Dhibba shanii ) Account 1000026238769**itti galii taasisuun tokko tokkoo sanadaatiif kafaluun hanga **guyyaa hujii 15[ffaa]tti bitachuun dorgomuu ni dandeettu. Caalbaasiin kan cufamu guyyaa hujii 16[ffaa] saa'aa 4:30 irratti yommuu ta'u; kan banamus guyyuma kana saa'aa 5:00 irratti.**

Waajirichi filannoo fooyya'aa yoo argate caalbaasii gartokkeenis ta'ee guutumaan guututti haquf mirga guutuu kan qabu ta'uu ibsina. **Odeeffannoo dabalataaf Bilbilli 0984679359 fi 0717259359 Waajjirri Maallaqaa Aanaa Mooyyalee**

**Caalbaassii Bittaa Meeshaalee Bara 2018**

Waajjiri Maallaqaa Aanaa Dhaas bara baajaata 2018tif Meeshaalee Baarreeffamaa Qulqullinaa, Dhaabbii, Elektironiksii, Farniture , Gommaa konkolataa Kan biiroo bittuu waan baarbaaduf Dorgomtooni akka ulaagaalee Armaan gaadii Guuttaan akka dorgomtaan Afeeramtaniittu.

**Ulaagaalee Dorgomtootaa**

1. Dorgoomtoni Damee hojii Dhiyeessii Meeshaalee kana irraatii gurmaa'anii fi Ragaa hayyama daldalaa bara 2018 haroomsifamee kan qabu.
2. Dorgomtonni Galmaa VAT Ta'u isaanii Ragaa Dhiyeeffachuu qabu.
3. 3.Dorgomtonni Tarree Dhiyeessitoota keessatti Galmaa'aa ta'uu isaaniitif raga Dhiyeeffachuu qabu.
4. Dorgomtonni Xaalayaa Gibiraa bara 2017 kaffaluu isaanii waajjira A/T/G Qaama Gibira saassaban irraa Dhiyeeffachuu qabu
5. Waldaaleen imx kabaachiisa Caalbaasiitiif akka wabummaatti xaalayaa waajjiraa CHUO BulchInsa MagaalAa ykn Bulchiinsa Aanaa irraa Fidachuu Kan danda'u ta'uu ykn Dorgomtootnii Dhuunfaan dorgoman yoo jiraatan kabachiisaa Caalbaasii Qarshii 5000 ykn CPO Baankii daldala Itoobiyatti qabsiisuu qabu
6. Dorgomtoonni Hojii armaan dura Hojjattamaniif Qulqullinnan hojjachuu isaaniitiif Adabbii bittaa irraa Bilisa ta'uu isaanii ragaa Dhiyeeffachuu Kan danda'an ta'uu qabu.
7. Dorgomtoonni Xaalayaa waldhabbii Dhuunfaa irraa Bilisa Ta'u Kan ibsu Dhiyeeffachuu qabu.
8. Gatiin Dorgomtoonii Dhiyyessan haala qabatama Gabaa Naannotiin wal Madaaluu qabu.
9. Baay'ina Meeshaalee Dhiyaatuu Parsanti 20% Dabaluus ta'ee hir'achuu ni danda'a
10. .Dorgomtooni Ulaagaa taa'ee kana guutani fi qulqullinaa meeshaa gaafatame Kana eeguudhaan gattii gadii aanaa dhiyeeffatan kan mo'atan ta'u.
11. Dorgomtooni sanada yaadaa dorgommii Dhiyyeessan irraattii maqaa Teessoo fi Mallattoo Isaani Barreessu Qabu.
12. .Waajjirichi Filannoo Biraa yoo Argaate Caalbaasicha Guutumaan Guututtii Ta'ee Gartokkeen Haquf Mirga Guutu qaba.
13. .Waajjiri Filannoo Biraa yoo Argaate Caalbaasicha Guutumaan guututtii Ta'ee Gartokkeen haquuf Mirga Guutu Qaba. Oddeeffanno dabalataf lakk.bilbila 0931451144/0913459835 bilbiluu dandettuu **Hubachiisa Iddoon argama keenyaa Magaala Guddoo Godina Boorana Bahaa irraa KM 208 fi Magaala Guddoo Biyyattii irraa km 808 irraa fagaatee argama. Waajjiri Maallaqaa Aanaa Dhaas**

---

## Jimma

**Caalbaasii Ifaa Yeroo 1[ffaa]**

Godina Jimmaatti Waajjira Maallaqaa A/Sigimoo Meeshaalee Isteeshinarii, Furnicharoota, Elektirooniksii, Uffata Seeraa hojjattootaa, Meeshaalee Ijaarsa Waliigalaa, Meeshaalee Leenjii, Jenereetaroota, Afataalee,Mootorsaayikiloota, Goommaa Konkolaataa, Meeshaalee jijjiirraa Konkolaataa fi Mootorsaayikilii, Sanyiiwwaan Gosa Adda Addaa, Tajaajila Maxxansaa fi Suphaa garaa garaa,Tajaajila konkolaataa geejjibsiisa Meeshaalee, hojii Mukaa fi Sibiilaa, Akkasumas, Tajaajila dhiheessii Nyaata bilchaataa fi Dhugaatii garaa garaa Dhaabbilee Daldalaa Seera qabeessa ta'an waldorgomsiisee bituu barbaada. Haaluma kanaan Dorgomtootni Ulaagaalee armaan gadii guutuu dandeessan dhiyaattanii dorgomuu ni dandeessu.

1. Heeyyama daldalaa kallattiin hojii kana ibsu haaraa ykn kan haaromfame kan qabu.
2. Lakk.Addaa (TIN Number) kan qabu fi taaksii dabalataa(VAT) kan galmaa'e.
3. Gibira kaffaluu isaanii kan ibsu xalayaa waajjira Galiiwwanii irraa dhiyeeffachuu qabu.
4. Waraqaa Ragaa dhiyeessii bittaa Mootummaa keessatti galmaa'uu isaa ibsu dhiyeeffachuu qabu.
5. Kabachiisa Caalbaasii ykn CPO mana Baankiitiin mirkanaa'e qarshii Etiyoophiyaa 6000 **(kuma Ja'a )** qabsiisuu kan danda'u.
6. Dorgomtootni Waldaan dhaan gurmaa'an waraqaa qaama seerummaa Waldaa sana ibsu haaraa ykn haaromfamaa kan qabu.
7. Dorgomtootni kamiyyuu Sanada Caalbaasii qarshii hin deebine qarshii **100** (dhibba tokko) W/ra Galiwwaanii A/ Sigimootti kaffaluun Gaafa Guyyaa **29/12/2017** hanga **15/1/2018 tti** Waajjira Maallaqaa Aanaa Sigimoo irraa bitachuun dorgomuu ni dandeessu.
8. Mo'ataan Caalbaasii Guyyaa **5**(shan) keessatti walii galtee W/ra Maallaqaa Aanaa Sigimoo wajjin Mallatteessuu qaba.
9. Mo'ataan Caalbaasii Meeshaalee kan dhiyeessu hanga **Waajjira Maallaqaa A/Sigimotti** ta'uu qaba.
10. Dorgomtootni kamiyyuu sanada Caalbaasii Guyyaa beeksifni kun ba'e irraa eegalee hanga Gaafa Guyyaa 15**/1/2018tti** poostaan samsuudhaan sanduuqa Caal-baasiif qophaa'e Waajjira Maallaqaa A/Sigimoo kutaa lakk **2** tti argamu keessa buusuu dandeessu.
11. Dorgomtootni hunduu Sanada Caalbaasii originaala fi kooppii poostaa **lamaan** samsuudhaan Chaappaa dhaabbaticha ibsu,Teessoo,Maqaa fi Mallattoo dorgomaa qabaachuu qaba.
12. Caalbaasiin Gaafa Guyyaa **15/01/2018 S**a'aatii 11:30t**ti** cufamee Gaafa Guyyaa **16/1/2018tti** Sa'aatii 3:30irratti Waajjira Maallaqaa A/Sigimootti bakka Dorgomtootni yookiin Bakka bu'ootni waraqaa bakka bu'iinsaa qaban jiranitti ni banama.
13. Waajjirichi filannoo biraa yoo argate caalbaasicha gar-tokkeen yoo kaan guutummaan guutuutti haquuf mirga qaba.

**Oddeeffannoo dabaalataa argaachuuf Lak.bil 0917019337, 0989038040 fi 0917335368 Waajjira Maallaqaa Aanaa Sigimoo**

---

**Caabaasii Ifaa Yeroo 1ffaa**

Godina Jimmaatti Waajjirri Mallaqaa Aanaa Sigimoo hojii Suphaa Daandii Baadiyyaa Aanicha Keessatti Bara Baajataa 2018 W/ra Daandii fi Loogistikiin Gaggeeffamuuf Maashinoota Suphaa Daandii Baadiyyaaf Tajaajilan Keessaa **Gireedara, Iskaavaatara, Siinootiraakii, Ruulloo, ShaawarTiraakii fi Sarvisii PICUP** Caalbaasii Ifaan waldorgomsiisee **Sa'atii fi Guyyaan k**ireeffachuu barbaada. Haaluma kanaan, Dorgomtootni Ulaagaalee armaan gadii guutuu dandeessan dhiyaattanii dorgomuu ni dandeessu.

1. Heeyyama hojii daldalaa kallattiin gosa tajaajilaa/maashinichaa ibsuu danda'u haaraa ykn haaromfamaa kan qabu.
2. Lakk. Addaa kaffalaa gibiraa (TIN Number) kan qabu fi taaksii dabalataa (VAT) kan galmaa'e.
3. Gibira kaffaluu isaanii kan ibsu xalayaa waajjira Galiiwwanii irraa dhiyeeffachuu qabu.
4. Bittaa Mootummaa irratti akka hirmaatanuuf Waraqaa Ragaa dhiyeessummaa dhiyeeffachuu kan danda'u.
5. Kabachiisa Caalbaasii CPO mana Baankiitiin mirkanaa'e qarshii **10,000** (**Qarshii kuma kudhan**) qabsiisuun dhiheessuu kan danda'u.
6. Dorgomtootni kamiyyuu Sanada Caalbaasii qarshii hin deebine **100(**dhibba tokko) kaffaluun Gaafa Guyyaa **02/01/2018 hanga 23/01/2018 tti** W/ra Maallaqaa A/Sigimoo irraa bitachuun dorgomuu ni dandeessu.
7. Dorgomtootni hunduu Ragaa waa'ee Maashinoota Sanaa ibsu hunda Dhiyeessuu qabu.
8. Mo'ataan Caal-baasii Guyyaa mo'atee kaasee Guyyaa 5(shan) booda dhihaatee waliigaltee Waajjira Daandiif Logistikii A/Sigimoo wajjin Mallatteessuu qaba.
9. Mo'ataan Caalbaasii Maashinoota kana hanga Aanaa Sigimoo bakka hojiin sun itti hojjatamuutti Dhiyeessuu qaba. Maashinni Kun kan itti barbaadamu haala qilleensa Aanichaan walqabsiisuun Yeroo W/richi barbaadetti ta'uu qaba.
10. Dorgomtootni Waldaadhaan gurmaa'an waraqaa qaama seerummaa Waldaa sanaa ibsu haaraa ykn haaromfamaa kan qabuu fi waraqaa bakka bu'aa waldaa sanaa qaama gurmeesse irraa kan kennameef dhiyeeffachuu qaba.
11. Dorgomtootni kamiyyuu sanada Caalbaasii kooppii fi Orijinaala kophaa kophaatti evilooppiin samsuudhaanTeessoo fi maqaa guutuu ibsuu kan danda'uun hanga Gaafa Guyyaa **22/01/2018** tti sanduuqa Caal-baasiif qophaa'e keessa buusuu qabu.
12. Dorgomtootni hunduu Sanada Caalbaasii irratti Chaappaa dhaabbaticha ibsu, maqaa fi mallattoo dorgomaa qabaachuu qaba.
13. Caalbaasiin Gaafa Guyyaa **22/1/2018** sa'atii **11;30tti** cufamee Gaafa Guyyaa 23/01/2018 **Sa'aatii 3:30** irratti Waajjira Maallaqaa A/Sigimootti bakka Dorgomtootni yookiin Bakka bu'ootni waraqaa bakka bu'iinsaa Waajjira Abbaa Alangaan mirkanaa'e 'qaban jiranittii fi yoo argamuu baatanis kan banamu ta'a.Waajjirichi filannoo biraa yoo argate caalbaasicha gar tokkee ykn guutummaan guutuutti haquuf mirga qaba.

**Oddeeffannoo dabaalataaf: 0965791157, 0912109450, 0989038040 fi 0917335368 Waajjira Maallaqaa A/Sigimoo**

Lafawwan miidhaman xuxxuqqaarraa bilisa gochuudhaan deebi'anii akka dandamataniifi oomishitummaansaanii akka dabalu gochuun ni danda'ama!

## Seeraafi Haqa

*Taammanaa Gammadaa*

# Raawwii karoora hojii Biiroo Abbaa Alangaa Waliigalaa Oromiyaa bara 2017

*(Kan darberraa kan itti fufe)*

**Raawwii galmee qormaata waliigalaa murtii abbaa alangaaf dhihaate**

Galmeen qormaataa qorannaansaa xumuramee poolisiirraa murtii Abbaa Alangaaf dhihaate dimshaashni 57,401 yoo ta'u, kana keessaa kan murtii Abbaa Alangaa argate 57,350 (% 99.91) ta'ee kan murtii Abbaa Alangaa argate keessaa murtiin qorannaan dabalataaf bu'uura 38/c'n poolisiitti kan deebi'e 457 (0%.8), ragaan gahaa ta'uu dhabuun bu'uura 42/1/n kan cufame 1,509; Murtii himata yakkaa dhiheessuu kan argate 54,799 (% 95.55) Qaama Aaangoo qabuuf kan ergame (federaalaaf) galmee 56 (% 0.1), Dhimma dhuunfaa ta'uu isaatiin araaraan furmaata kan argate 415 (% 0.72) akkaataa SDFY keewwata 39n kan cufame 12 (% 0.02) qajeelfamaaf kan) dandeettiin of harkaa qulqulleessuu galmee qormaataa Abbaa Alangaa karoorri % 94.6 ta'ee raawwiin % 99.91dha.

**Raawwii galmee falmii dhimmoota yakkaa gosa hundaa**

Galmee himataa bara darberraa as darbee ilaalamaa ture dabalatee galmeen himata yakkaa dimshaashaa dhihaatee falmiirra ture 59,640 (himatamtoota 74,809 kan qabu) yoo ta'u, kana keessaa:

- Murtii mana murtii kan argate 55,645 (% 93.3)dha.
- Kan Murtii Mana Murtii argate keessaa murtiin adabbii adda addaa 50,198 (% 90.21)
- Murtiin bilisaa galmee 1,498 (% 2.69)
- Ragaaf himatamaan dhabamuun kan adda cite 1,476 (% 2.65)
- Beellamaan kan jiru galmeedhaan 3,995 (% 6.7) dha.
- Dandeettiin adabsiisuu Abbaa Alangaa
- Galmeedhaan karoorri % 97 raawwiin % 97.1
- Himatamaadhaan karoorri % 96 raawwiin % 96.1 ta'eera.
- Dandeettiin adabsiisuu bara darbe yeroo walfakaataatti galmeedhaan % 96.6 himatamaadhaan 97.1% waan tureef kan bara kanaa fooyyee qaba.
- Harcaatiin galmee himata yakkaa hir'isuun karoorri % 3 raawwiin % 2.65dha.
- Harcaatiin galmee kan bara darbee yeroo walfakkaataatti galmeen % 3.3 waan tureef raawwiin bara kanaa kan bara darbeerra fooyyeedha.

**Raawwii falmii dhimmoota yakka adda addaa (yakkoota malaammaltummaafi dinagdeen alaa)**

Akka Biiroo Abbaa Alangaa Waliigalaatti tajaajilli dhimmoota yakkaa seera yakkaa kabachiisuuf kennamu damee lamaan kan hogganamu yommuu ta'u, dameen bal'aafi tajaajillisaa sadarkaa biiroorraa hanga Aanaaleetti hammatmu damee dhimmoota yakkaa adda addaati.Tajaajilli damee kanaan kennamu dhimmoota yakka malaammaltummaafi dinagdeen ala jiran hunda kan hammatu ta'ee dhimmoota kana keessatti ammoo yakkoonni dhimma nageenyaa, dhimma dubartootaafi daa'immanii, yakkoota bosonaa, ajjeechaa lubbuu, balaa tiraafikaafi kanneen biroos ni haamata. Haaluma kanaan bara kana galmeen qormaata yakka malaammaltummaaf dinagdeen alaa dhihaate 46,591 yommuu ta'u, kana keessaa kan murtii Abbaa Alangaa argate 46,572 waan ta'eef dandeettiin of harkaa xumuruu (% 99.9)dha. Kan murtii Abbaa Alangaa argate kana keessaa ammoo murtiin himata yakkaa hundeessuu 44,730 (% 96) waan ta'eef qulqullinni qorannaa gama kanaan jiru gaarii ta'uu agarsiisa.

Himannaafi falmii dhaddachaa ilaalchisee: kan bara darberraa as darbe dabalatee galmeen falmiirra ture Biiroorratti 1291, dameeleerratti 472, godinarratti 4,134, Aanaaleerratti 42,947 waliigalaan 48,844 kan himatamtoota 60,058 qabu yommuu ta'u, kan murtii mana murtii argate 45,543dha. Galmee murtii mana murtii argate keessaa murtiin adabbii 40,699 waan ta'eef dandeettiin adabsiisuu % 97.1dha.

**Raawwii falmii dhimma nageenyaa ilaalchisee**

Dhimmoota xiyyeeffannoo keessaa kan biroon galmee yakkoota dhimma nageenyaati. Haaluma kanaan, bara kana keessa galmeen qormaata dhimma nageenyaa murtii Abbaa Alangaaf dhihaate 1,808 yommuu ta'u, kana keessaa 1,803 (% 99.72) murtii Abbaa Alangaa argateera. Murtii Abbaa Alangaa keessaa ammoo murtiin himata yakkaa hundeessuu 1,679 (% 92.86) ta'ee waliigalaan bara kana kan bara darberraa as darbe dabalatee dhimma nageenyaan walqabatee galmee 1,846 himanni yakkaa baname falmiirra kan ture yommuu ta'u, kana keessaa kan murtaa'e 1,630 (% 88.29) keessaa adabbiin 1,534 (% 83.1)dha. Beellamaan kan jiru galmee 216 (% 11.7) dha. Dandeettiin adabsiisuu Raawwiin % 96.9, yoo ta'u harcaatiin galmee Raawwiin % 2.64 ta'ee jira

Magaalaa Amboofi Baatuu irratti Dhaddacha yeroo hundaa'een galmeen Himannaa yakkaa 1,037 kan himatamtoota 1,043 qabu dhihaate Abbootiin Alangaa ji'oota hedduuf falmuun himatamtoota 1,035 irratti murtii adabbi waggaa 1-umurii guutuutti itti murteessifameera. Dandeettiin Adabsiisuu 99.79 namaan 99.69 waan ta'eef raawwii gaariidha

- **Raawwii galmee dhimmoota yakka dubartootaafi daa'immanii**

Dhimmoonni kun yeroo dheeraaf dhimmoota xiyyeeffannoo ta'anii irratti hojjetamaa kan turan ta'anis sadarkaa godinaatti qaamni abbummaan dhimmicha hordofu jiraachuu dhabuu isaarraan kan ka'e yakkoonni kunniin yeroodha gara yerootti dabalaa dhufuun rakkoo hawaasummaa ta'aa dhufuu isaaniitii rakkoo kana furuuf Biirichi sadarkaa Godinaatti dhimmoota kanaaf Abbaan Adeemsaa muudamee abbummaan akka hordoffii taasisu gochuun danda'ameera.

Haaluma kanaan, eeruu yakka da'immaniifi dubartootarratti raawwatame dhihatee 4,570 keessaa 4,159 (% 91) qulqulleessuun kan danda'ame yommuu ta'u; galmee qormaataa bara darberraa as darbe dabalatee kan qorannaansaa xumuramee murtii A/Alangaatiif dhihaate 4,616 keessaa 4,612 murtii Abbaa Alangaa waan argateef dandeettiin of harkaa xumuruu % 99.9dha. Murtii galmee qormaatarratti kenname keessaa kan himanni yakkaa akka dhihaatu murtaa'e 4,086 (% 88.59)dha.

Gama biraatiin galmee himannaa hanga kurmaana kanaatti falmiirra ture 4,395 keessaa kan murtii mana murtii argate 3,980 (% 90.5) yommuu ta'u, dandeettiin adabsiisuu karoorri % 97 raawwiin % 96.73dha. Harcaatiin galmee himata yakkaa karoorri % 3 raawwiin galmeedhaan % 2.79 ta'eera.

- **Yakka namaan daldaluufi seeraan ala daangaa ceesisuu**

Eeruu yakka namaan daldaluufi seeraan ala daangaa ceesisuu dhihaate 199 keessaa 181(% 90.95) qulqulleessuun kan danda'ame yommuu ta'uu galmee qoramaataa qorannaansaa xumuramee murtiif dhihaate 185 keessaa hunduu murtii Abbaa Alangaa waan argateef dandeettiin of harkaa xumuruu % 100dha. Murtii galmee qormaataarratti kenname keessaa kan himanni yakkaa akka dhihaatu murtaa'e 169 (% 91.35) dha. Gama biraatiin, galmee himannaa hanga kurmaana kanaatti falmiirra ture 209 keessaa kan murtii mana murtii argate 167(% 79.9) yommuu ta'u dandeettiin adabsiisuu % 90.7dha.

**Raawwiidhimmootayakkamalaammaltummaa**

Galmee qormaataa: galmeen qoratamee xumuramuun waliigalaan murtii Abbaa Alangaaf dhihaate 1,459 yoo ta'u kana keessaa Murtii Abbaa Alangaa kan argate 1,429 (% 97.94), harka Abbaa Alangaa kan jiru immoo 30 (% 2.06) dha. Galmee Murtii Abbaa Alangaa Argate kana keessaa murtii himata yakkaa dhiheessuu 990 (69.28%), Qorannaan dabalataa kan ajajame 207 (14.49%) ta'ee kan hafe murtii birooti. Dandeettiin galmee qormaataa of harkaa xumuruu karoorri % 90 raawwiin % 97.94 waan ta'eef raawwiin jiru gaarii ta'uu agarsiisa.

Galmee himannaafi falmii dhimmoota yakka malaammaltummaa: galmee himataa yakka malaammaltummaa dimshaashni falmiirra ture 1,452 (himatamtootaan 3,945) kan qabu yoo ta'u kana keessaa;

- Murtii mana murtii kan argate 1,106 (% 76.12) himatamaadhaan 2,673 (% 67.76)
- Kan murtii argate kana keessaa murtiin adabbii gosa adda addaa 917 (% 82.91) himatamtootaan namoota 2,001 (% 74.86)dha.

*Gara fuula 15tti*

**Dhiibbaawwan bosonoota keenyarra jiru hir'isuuf qoraaniifi ijaarsaaf filannoowwan jiran faayidaarra haa oolchinu!**

# Hawaasummaa

*Galaanaa Kumarraa*

# Wantoota dubartoonni ittiin dhiirota caalan

(*Kan darberraa kan itti fufe*)

**Dubartoonni dafanii waa baratu**

Qorannoon akka agarsiisutti dubartoonni hojii baay'ee hojjechuurratti fooyya'oo ta'uufi waa yaadachuu yeroo dheeraa dhiirota caalaa fooyya'aa ta'uusaanii ibseera. Kunis, akka waa yaadataniifi odeeffannoo yeroo dheeraaf akka qabataniif isaan dandeessisa jedha qorannoon kun.

Kunis, dubartoonni dhiirota caalaa sammuusaanii keessatti 'Grey matter' baay'ee qabaachuusaaniirraa kan ka'e ta'uu hin oolu. 'Grey matter' odeeffannoo adeemsisuufi murtii kennuudhaaf itti gaafatamummaa qaba. Kana malees, dubartoonni akkaataa idileetti sadarkaan istiroojinii ol'aanaa kan qaban yoo ta'u, kunis hojii yaadannoo fooyyessuu wajjin walqabatee jira.

Dubartoonnis yeroo baratan gama sammuu isaanii lamaan fayyadamuu kan danda'an yoo ta'u, kunis odeeffannoo haala bu'a qabeessa ta'een akka adeemsisan isaan dandeessisa. Qorannoon akka agarsiisutti dubartoonni dhiirota caalaa saffisaan akka waa barataniifi odeeffannoo qbaatan taasisa. Kana malees, dubartoonni dhiirota caalaa wantotaaf xiyyeeffannoo guddaa kennu. Yeroo dheeraaf xiyyeeffannoo kennuufi wantoota yaada isaanii hiran haala bu'a qabeessa ta'een calaluu danda'u.

Kunis, odeeffannoo ga'umsaan akka itti yaadaniifi saffisan waa baratan isaan dandeessisa. Wantoonni kun hundi walitti makamuun dubartoonni dhiirota caalaa akka dafanii baratan taasisa.

Kanaafuu, nama ogummaa haaraa si barsiisu ykn odeeffannoo barbaachisaa akka yaadattu si gargaaru yoo barbaadde, dubartiin filannoo kee hunda caaltudha.

**Carraan barnoota xumuruu dubartoota guddaadha**

Kunis sababoota adda addaa hedduurraa kan ka'e ta'uu akka hin oolletu ibsama. Dubartoonni akkaataa idileetti dhiirota caalaa hojii hedduu hojjechuurratti kan fooyya'an yoo ta'u, kunis mana barumsaa keessatti akka milkaa'an isaan gargaaruu danda'a. Kana malees, dubartoonni kunuunsuufi obsa qabaachuu waan danda'aniif, dhiphina mana barumsaa haala gaariin akka dandamatan isaan gargaara.Dabalataanis, dubartoonni yeroo baayyee sadarkaan



*Nigoozii Okonjoo*

*Dubartii Cimtuu Naayijeeriyaa Sadarkaa idile addunyaatti hogganuun beekamtu*

istiroojinii ol'aanaa kan qaban yoo ta'u, kunis hojii yaadannoo fooyyessuu wajjin walqabatee jira. Wantoonni kun hundinuu milkaa'ina dubartii mana barumsaa keessatti akka argattu gumaachuu danda'u.

Kolleejjii keessatti dubartii ta'uun faayidaa hedduu qabaatus, qormaanni tokko tokkos ni jira. Fakkeenyaaf yeroo baayyee dubartoota bakka hojiitti loogiin isaan mudata. Kunis, erga eebbifamanii booda hojii argachuun akka isaan rakkisu gochuu danda'a. Qormaanni biraa yeroo baayyee dubartoonni dhiirota caalaa galii xiqqaa argachuu isaaniiti. Kunis galiin of danda'uufi barnoota dabalataa argachuuf rakkisaa taasisuu danda'a. Qormaanni kun jiraatus, garuu dubartoonni dhiirota caalaa carraan kolleejjii xumuruu isaanii guddaadha.

**Dubartoonni sirna ittisa qaamaa cimaa qabu**

Dubartoonni maaliif dhiirota caalaa sirna ittisa qaamaa cimaa akka qaban ammallee ifa miti, garuu odeeffannoon sababoota kanaaf kennamuu danda'u tokko tokko tokko ni jira. Yaadni tokko dubartoonni laguufi ulfa wajjin wal'aansoo qabaa waan guddataniif qaamnisaanii waan haaraa gara qaamasaaniitti dhaqu ofirraa loluu amaleeffateera. Dubartoonni dhiirota caalaa seelii ittisa qaamaa baay'ee qabu. Lammaffaa, seelonni ittisa qaamaa kun infekshinii ofirraa ittisuu keessatti caalaatti qophaa'adha.

Dhumarratti dubartoonni dhiirota caalaa seelii waantota farra qaamaa ta'an fi dhiiga adii baay'ee kan oomishani yoo ta'u, kunis salphumatti dhukkuboota ittisuuf gargaara.

Kunis dubartoonni kiroomozoomii X lama irraa waan umamanaiifi dhiironni ammoo kiroomozoomii X tokkoofi Y tokko qabaachuu isaanii irraa kan ka'e ta'uu danda'a jedha qorannnioon . Kiroomozoomiin dabalataa kun sirna ittisa qaamaa dubartootaa jajjabeessuu danda'a.

Kanaafuu dubartoonni fayyaa ta'anii turuu irratti waan umamaaan argatan ta'uu hin oolu jedhu ogeeyyiin dhimmicha qoratana

**Rakkoo mudatu furuurratti**

Dubartartiin mala beekti jedhama. Kanaaf dubartootni dhiirota caalaa rakkoo furuu irratti akka fooyya'an qorannoodhaan mirkanaa'eera. Kunis dubartoonni rakkoo furuu irratti mala furmaata ta'u yoo fudhatan dhiirotni ammoo mala xiiqii ykn dorgomaa ta'e fudhatu.

Dubartoonnis waa'ee rakkoolee kalaqaa fi haala wal xaxxa ta'een yaaduu kan danda'an yoo ta'u, dhiironni ammoo xiinxalaa sararaan yaaduu danda'u.

Qorannoon Yunivarsiitii Michigaan gaggeeffame tokko akka agarsiisutti, dubartoonni qormaata rakkoo furuu irratti dhiirota caalaa dantaa dhuunfaa isaanii bira darbanii ilaaluufi furmaata nama hundaaf ta'u baasuu danda'u jedha. Salphaatti addunyaa kana ilaaluufi rakkoolee walxaxoo ta'aniif furmaata argachuuf karaa adda ta'e qabu. Dubartoonni yeroo yeroon dhiirota waliin wal bira qabamee yoo ilaalamu rakkoo furuu olaanaa ta'uun isaanii agarsiifameera.

**Hoggansa**

Bakka hojiittis yoo ilaalle dubartoonni dhiiraa caalaa kunuunsaafi gara laafeyyii waan ta'aniif, haala rakkisaa dandamachuu fi hojjettoota isaanii wajjin hariiroo cimaa qabu. Kana malees, yeroo baayyee dubartoonni dhiirota caalaa wayiif xiyyeeffannoo kan kennan yoo ta'u, kunis hoggansa irratti fooyya'oo akka ta'an isaan dandeessisa.

Akkasumas dandeettii komunikeeshiinii fooyya'aa waan qabaniif kunis odeeffannoofi ajaja barbaachisaa ta'e dabarsuu irratti gargaaruu danda'a. Akkasumas, dubartoonni rakkoo furuu irratti ogummaa guddaa waan qabaniif, tarkaanfiiwwan gaarii hojjettoota isaanii irratti dhiibbaa geessisan fudhachuuf carraan isaanii guddaadha. Wantoonni kun dubartoonni hoggansa gaarii irratti ogummaa akka qabaatan taasiseera. Kanumaafi amma dhaabbileen hedduun dubartootaaf iddoo olaanaa kennuu kan jalqaban.

**Bulchiinsa gaarii mirkaneessuun dagaagina sirna dimookiraasiitiif bu'uura!**

# Oduu

## "Pirojeektiin HHGI mallattoo . . .

xaxaa keessa darbee sadarkaa kanarra ga'uusaaf guddaa akka gammadanis himaniiru.

Gama kanaan sirna siyaasaa gadi aantummaa hin fudhannu, nu hingitu, baay'ina uummata keenyaaf kan malu miti jechuun sirna siyaasaa naannawaan (Regional Geo-Politics) sadarkaa gaarii qabaachuuf akka ta'es hubachiisaniiru. Haalonni eeyyentaa kunniin mul'ata barootaaf ture, boo'ichaafi gaabbii barootaaf ture firiitti jijjiiraniirus jedhan.

Jalqabbii, adeemsaafi raawwii hidha haaromsaa qofa osoo hintaane naannoon hidhichi itti ijaarame Guubaan bishaanicha qabnee hambisuu akka dandeenyuuf uumaan kan mijesseedha jechuun galateeffataniiru.

Uumaan dachee dinqisiisaa akkanaa nuuf kennee Itoophiyaan galmee jechootaarratti mallattoo beelaan beekamuun gaddisiisaa ta'uus ibsaniiru.

Hidhichi qormaata hedduu keessa darbee dhugoomuun sadarkaa kanarra gahuun obsaafi ga'umsa, qindoominaafi ida'amuu uummata Itoophiyaa agarsiisa jechuunis kaasaniiru.

Dr. Abiyyi wayituma Guubaatti argamanii turan kanatti hidhi guddichi 'Hiddaasee, haroon namtolcheen hidhicharraa uumamee immoo 'Nigaat' jedhamanii akka waamamanis moggaasaniiru.

Hidhi Haaromsa Guddicha Itoophiyaa Qaammee 4 bara 2017 sirna ho'aan kan eebbifamu ta'uunis beekameera.

## Oomishaafi oomishtummaa qonnaa . . .

guddina biyya keenyaa caalatti fuulduratti tarkaanfachiisuufis cimnee ni hojjannas jedhaniiru.

Bulchaan Godina Arsii Obbo Ibraahim Kadiir gamasaaniin, godinichi humna oomishaa guddaa kan qabduufi diinagdee biyyaa utubaa jirtu ta'uu kaasanii, galmoota qonnaa gurguddoo wabii nyaataan of danda'uu, al-ergii dabaluu, oomisha alaa galu kan biyya keessaan bakka buusuufi carraa hojii uumuu mootummaan qabatee hojjataa jiru milkeessuuf xiyyeeffannoon hojjatamaa jiraachuu dubbataniiru.

Godinichatti bara oomishaa 2017/2018 qonna Gannaa qofaan lafti hektaarri kuma 900fi kuma 38fi 400 oomisha gosa garaagaraan uwwifamuu himaniiru. Oomisha waliigalaa bara 2017/2018 kanarraas callaa kuntaalli miliyoona 35 ol kan eegamu ta'uus dubbataniiru.

Biifaan keemikaalaa xiyyaaraan raawwatamu kunis qisaasaa yeroo, humna namaa akkasumas qisaasama bishaaniifi keemikaalaa hambisuun yeroo gabaabaa keessatti qulqullinaan gaggeeffamuun fayyadamummaa qonnaan bultootaa kan dabaluudha jedhan.

Qonnaan bulaan teeknoloojii dhufe kanatti sirnaan fayyaadamuufi akkasumas akka qabeenya ofiitti ilaaluun eeguufi kunuunsuu akka qabus dhaamaniiru.



## Hospitaala Hundagaleessaa Addaa Yuunivarsiitii Dambidoolloof deggersi meeshaalee wal'aansaa taasifame

*W/K/B/Magaalichaatiin*

Gareen Kellem Development Association Group Matter jedhamu Hospitaala Yuunivarsiitii Dambidoollootiif meeshaalee yaalaa garaagaraa qarshii miiliyoona 35 olitti tilmaamamu deggersa taasiseera.

Godina Qellem Wallaggaa Bulchiinsa Magaalaa Dambidoollootti Gareen dhalattootaafi jaallattoota Qellem Wallaggaa biyya hambaa jiraatan 'Kellem Development Association Group Matter' jedhaman Inistiitiyutii Fayyaafi Hospitaala Koompirehensiivii Ispeeshaalaayizdii Yuunivarsitii Dambidoollootiif meeshaalee yaalaa gosa garaagaraa 400 ta'u qarshii miiliyoona 35'tti tilmaamamu deggersa taasisaniiru.

Yuunivarsiitii Dambidoolloo bakka bu'uun deggersicha kan fuudhan Obbo Firoomsaa Alamaayyoo deeggersi taasifame, hospitaalichi tajaajila fayyaa si'ataafi dhaqqabamaa ta'e hawaasa naannawichaaf akka kennuu kan deeggaru ta'uu dubbataniiru. Garichis warra lammisaaniif quuqama qaban biyyasaaniimmoo warra jaallataniidha jedhanii bakkasaan jiranitti galateeffataniiru.

Meeshaaleen kunneen wal'aansa kutaalee murteessoo kanneen akka kutaa dahumsaa, baqaqsanii wal'aanuufi kunuunsa hatattamaaf kan oolan ta'uu kaasaniiru.

Kantiibaan Magaalaa Dambidoolloo Obbo Girmaa Dangalaa garichi yeroo garaagaraatti uummatasaa bira dhaabbachaa kan jiruufi aantummaa uummatasaaniif qaban agarsiisaa waan jiraniif dhalattoota Godina Qellem Wallaggaa deggersa isaan taasisaniif galateeffataniiru.

Deeggarsichi Garee Waldaa Misooma Qellem jedhamurraa kan kenname ta'uu Yuunivarsiitichatti Daayrektarri Hariiroo Hawaasaafi Idil Addunyaa Gargaraan Pirofeesaraa Mirreessaa Amanuu himaniiru.

Sirna walharkaa fuudhinsa meeshaalee wal'aansa fayyaa kanarratti Hoggantoonni olaanoo Yuunivarsiitichaa, Kantiibaan Magaalaa Dambiidoolloo, maanguddoonniifi Abbootiin Gadaa argamaniiru.

## "Waldaan Misooma Oromiyaa misooma . . .

uumamaa akkasumas wabii nyaataa mirkaneessuu akka utubaatti qabatee hundaa'uus himaniiru.

Humna misoomaa Mootummaa Naannoo Oromiyaa ta'ee kan hundaa'e waldaan kun bakka humni mootummaa hin geenyetti humna, beekumsaafi maallaqa gurmeessuun qaawwa misoomaa jiru duuchuuf hojjechaa turuu himuun, uummani keenya gaaddisa waldaa jalattii gurmaa'un rakkoo hawaas-diinagdee nannnoosaanittti mul'atu furuu keessatti itti fufinsaan tumsa taasisaa jirachuu ibsaniiru.

Waldaan kunis bu'uura hundeefamasaa miseensa taasifachuun hunda'ee hojii jalqabuu ibsanii, yeroo ammaas miseensota miliyoona 8.6 ol qabaachuu eeraniiru.

Dabalataanis pirojeektii qopheessuun arjoomtota idil-addunyaarraa deeggarsa akka argataniifi sagantaa teletoonii qopheessanii deeggarsa aragmuun hojiile mosoomma rakkoo hawaas-diinagdee naannoo keenya furuu keessatti gumaacha olaanaa baayi'naafi qulqulinaan akka hojjachaa jiran Obbo Dajaneen ibsaniiru.

Bara 1986 hojiin galii walitti qabuun hojjetame utubaa guddaa waldaa kanaa ta'uu himanii, bara 1989 sagantaa teletooniin qarshiin miliyoona 107 walitti qabamuun akka biyyaatti seenaan addaa bara itti galmaa'e ta'uus dubbataniiru.

Bara 2006 irraa eegalee karaa Waldaa Misooma Oromiyaan hojii hojjatameen manni barumsaa bultii addaa banamuun qabxii guddaan Oromiyaan akka biyyaatti galmaa'uu eegaluu eeruun, yeroo ammaa aanaalee 91 keessatti manni barumsaa oolmaa addaa Waldaa Misooma Oromiyaa hundaa'uun miirri waldorgommii cimaan uumamuu Obbo Dajaneen himaniiru.

Bara kanas mana barumsaa bultii addaa akka Oromiyaatti jiru galuuf barattoonni kuma 14 ol qormaata seensaa fudhatanii bu'aa qormaata eeggachaa jiraachuu kaasuun, waggoottan 32 darban keessa manneen barnootaa 1,056 ijaaruun meeshaalee barnootaa guutuu waliin dabarsanii mootummaatti kennuu eeraniiru.

Manneen barnootaa 1731 ta'anitti immoo bilookii dabalataa, mana kitaabaafi kutaa laboratory ijaaruufi manneen barnootaa bu'uura boruus 368 ijaaruun meeshaa barbaachisan hunda guutuun mootummaatti dabarsuu ibsanii, tajaajila fayyaa dhaqqabamaa taasisuun du'aatii haadholiifi daa'immanii hir'isuuf piroojektoota fayyaa nama (keella faayyaafi buufata fayyaa) 345, fayyaa beellada 71 ijaaruun meeshaa barbaachisu waliin tajaajilaaf kennuu dubbataniiru.

Bara 2012 dhibeen Covid-19 biyya keenya jeeqaa turettis ambulaansii 110 bituun Godinaalee Oromiyaaf raabsuu himuun, Pirojeektota Bishaan dhugaatii qulqulluu 2,128, walumagalatti Waldaan Misooma Oromiyaa pirojektoota gosa adda addaa 6754 baasii waliigalaa qarshii bil. 30.7 oliin hojjatamu Obbo Dajaneen ibsaniiru.

**Harka keessan saamunaafi bishaaniin yeroo yeroodhaan sirriitti dhiqadhaa!**

# Bohaartii

Bushraa Alii

## Namichi qubeelaa haadha warraasaa bade tuullaa kosii keessaa barbaadee arge goota jaalaláa jedhame

Namticha lammii Kaanaadaa Istiiv Vaan Yiseeldiik jedhamu qubeelaa cidhaa haadha warraasaa akka tasaa bu'ee bade tuullaa kosii toonii 18 keessaa barbaadee arguun goota jaalalaa jedhame.

Seenaan kun kan jalqabe yeroo Istiiv Vaan Yiseeldiik fi haati warraasaa waggaa 26 Jeeniin jedhamtu lafa filmii daawwataa oolanirraa fandishaa nyaachaa turan qabatanii mooraa mana isaanii yoo seenan lafatti faca'aa ture.

Yeroo fandishaa lafatti harca'e funaanan qubeelaan haadha warraasaa Leeniin kaartoonii fandishaan keessa ture keessa bu'ee kosii kaan wajjin gatame.

Hamma kosiin mana isaanii funaanamee gatamutti qubeelaan baduu hin hubanne ture.

Guyyaa ittaanu yeroo baran abbaan warraa Vaan Yiseeldaayiik tuullaa kosii toonii 18 keessaa qubeelaa barbaaduu eegale."Abdii guddaadhaanin ka'ee deeme," haati warraa koo qubeelaashee argachuu qabdi mitiiree? " jedhe Vaan.

Viidiyoo CCTV mana isaanii erga ilaaleen booda sa'atii meeqatti qubeelaan daayimandii sun akka bade adda baasuun booda gara lafa tuullaa kosii Mission Sanitary Landfill in British Columbia jedhamuu deeme.

"Haati warraa koo nan barbaada gaafan jedhe shakkii guddaa qabdi ture. Iddoo kosii tuullaan dhaqeen akkan barbaadu eeyyaman gaafadha," jechuu hima.

"Isheen garuu siin eeyyamani naan jette, achiin maaltu beeka, dhaqeeman yaala jedheenii," jedha.Akaafaa fi gilaavii harkaa hidhatee marga bosbosee gatame ciruu, balfa nyaataas otooma qotuu kaartonii fandishaa gaafa Adoolessa 15 bitan addatti barbaaduu jalqabe.

"Guyyicha roobaa ture, ho'aa gatii hin turreef balfi badaa hin ajaa'u ture," jedhe.

Iskaavaatariidhaan balfa adda baasuun isa gargaare.Deeniin, "sammuu kootti akkamiin haadha warraa keef qubeelaa haaraa bitiif jedhee itti himuu danda'a jedheen yaadaan ture," jechuun CTV'tti hime.

Vaan balfa keessa jilbeeffatee harkaan yeroo inni qubeelaa barbaadu akka yaadatu hima. "Namni fayyaa sammuu qabu waan akkasii godha jedhee hin yaadne," jedha.

Haala ajaa'iba jedhamuun qubeelaan jalqabaa dafee argame, sababiinsaas Vaan hambaa nyaataa maatiinsaa gatan argee achirraan barbaaduu jalqabe.

Sa'atii tokko keessatti qubeelaan lama argamuu danda'e.Yeroo sanatti haati warraasaa barbaacha kana deeggaruuf sibiila, sibiila biraa qabatee baasuu bituuf suuqii deemaa turte.

Abbaan warraashee itti bilbilee qubeelaa akka argate yeroo itti himu, imimmaan roobsite.

"Namoonni baayyeen seenaa kana yeroo dhagahan baayyee dinqamu, anillee akkasuma na dhibeera argamuunsaa," jedha Vaan.Barbaaduuf gaafa ka'ee abdii guutuun waan hunda gochuuf akka ka'e hima.

Dabaluunis haalli uumame inumaayyuu gaa'ellisaanii akka jabaatu gochuusaa hima."Hangam akka na jaalatu beeka, akkanni waan ajaafi tuullaa balfaa keessa naa deemus beeka," jechuun CTV'tti himte

*Madda :BBC Afaan Oromoo*

## Raawwii karoora hojii Biiroo Abbaa Alangaa . . .

- Murtiin Bilisaa galmeedhaan 94 (% 8.49) himatamtootaan 428 (%16.01)dha.
- Ragaaf himatamaan dhabamuun kan cufame galmee 84 (% 7.59) himatamtoota 225 (% 8.4) dha.
- Beellamaan kan jiru galmee 346 (% 23.83) dha.

Dandeettiin Adabsiisuu Abbaa Alangaa galmeedhaan karoorri % 90 raawwiin galmeen % 90.7 Himatamaadhaan raawwiin % 82.38 ta'eera.

Harcaatiin galmee himata yakkaa karoorri % 6 raawwiin galmeedhaan % 7.59dha.

**Raawwiin falmii himata yakka dhimmoota dinagdee**

Galmeen qormaataa dimshaasha dhihaate **9**,548 yoo ta'u, kana keessaa Murtii Abbaa Alangaa kan argate 9,546 (% 99.98), harka Abbaa Alangaa kan jiru immoo 2 (% 0.02)dha. Galmee Murtii Abbaa Alangaa argate keessaa himanni yakkaa kan dhihaate 9,079 (% 95.01), ragaan gahaa ta'uu dhabuun kan cufame 191 (% 2), qorannaan dabalataa kan ajajame 74 (% 0.77), akkaataa sdfy kewt.41 tiin qaama ilaallatutti ol ergame 6 (% 0.06), ta'ee kan hafe murtiiwwan birooti.

Dandeettiin galmee qormaataa of harkaa xumuruu karoorri % 94 raawwiin % 99.98 waan ta'eef raawwiin jiru gaarii ta'uu agarsiisa.

Hanqinootaa fi gufuuwwan olaantummaa seeraa kabachiisuu keessatti muudataa ture bu'urarraa furuuf sanadni walhubannaa Biiroo Galiiwwanii, BAAWOfi Komishinii poolisii waliin mallattaa'eera.

Galmee himataa yakka dinagdee dhihaate kan bara darberraa as darbe dabalatee dimshaashni falmiirra ture 9,391 (himatamtoota 10,806 kan qabu yommuu ta'u) yoo ta'u kana keessaa;

- Murtii mana murtii kan argate 8,996 (% 95.79) himatamaadhaan 10,132 (% 93.76)dha.
- Kan murtii argate kana keessaa immoo murtiin adabbii gosa adda addaa 8,582 (% 95.4) himatamtootaan namoota 9,505 (% 93.8)dha.
- Murtiin bilisaa galmeedhaan 216 (% 2.4) himatamtootaan 336 (% 3.3)dha.
- Ragaaf himatamaan dhabamuun kan cufame galmee 183 (% 2.03) himatamtoota 269 (% 2.65)dha.
- Beellamaan kan jiru galmeen 395 (% 4.2) kan himatamtoota 674 (% 6.24) qabudha.

Dandeettiin adabsiisuu Abbaa Alangaa galmeedhaan karoorri % 91 raawwiin galmeen % 97.54, himatamaadhaan raawwiin % 96.59 ta'eera. Harcaatiin galmee himata yakkaa karoorri % 5 raawwiin galmeedhaan% 2.03dha.

**Dhimmoota yakka dinagdeetiin walqabatee hojii hojjetame ilaalichisee**

- AbbaaTaayitaaAlbuudaaOromiyaawaliin ta'uun abbootii qabeenyaa 15 daldala albuudaa gosoota albuudaa kunzaayitii, Ku'aaritiiziifi maayikaa jedhamu seeraan alaa irratti hirmaatan seeratti dhiyeessuuf hojii bal'aan kan hojjetamaa ture yemmuu ta'u galmee qorannoo 6 shakkamtoota 13 qorachuudhaan himannaan kan irratti baname yemmuu ta'u, galmee 4 himatamtoota 11 irratti murtiin adabbii mana murtii adda addaa kan kenname jira. Adabbiin kennames baatii jahaa hanga waggaa lamaafi baatii shaniifi Adabbii maallaqaa qarshii 203,000.00 kan adabsiifaman ta'uudha. Dabalataan dhaabbata daldalaa dhimmi kanarratti hirmaatan himatamanii eyyamni isaanii waggaa sadiif akka dhorkamu ta'ee jira.
- Albuuda adda addaa seeraan ala kuufame jedhuun himannaa bu'uuressinee falmaa turrerratti albuuda gosa adda addaa toonii 386 tilmaama maallaqaa qarshii 6,176,000.00 falmiitiin mootummaaf galii ta'eera. Albuudni dhorkamee ture keessaa abbaa dhimmaatiif kan deebi'e albuuda tilmaama qarshii 55,174,000.00 jira.

*Gabaasa raawwii hojii Biiroo Abbaa Alangaa Waliigalaa Oromiyaarraa kan fudhatame*

**Milkaa'inni gama misooma dinagdeetiin galmaa'e bulchiinsa gaarii mirkaneessuutiinis ni dabalama!**

# Shawaa

**Caalbaasii Ifaa**

Mootummaa Naannoo Oromiyaatti Komiishinii Tuurizimii Oromiyaa sagantaa Torbee Tuurizimii Oromiyaa Fulbaana bara 2018 geggeessuuf, **dhaabbata qopheessaa taatee(Event Organizer** caal-baasii Ifaan dorgomsiisee hojjechiisuu barbaada.

Haaluma kanaanis dhaabbileen ulaagaalee armaan gadiitti tarreeffaman guutaniifi hojii kanarratti ogummaafi muuxannoo qaban akka dorgoman afeera.

**Hojiwwan Hojjetamu**:-

1. **Qopheessaa taatee(Event Organizer),**

**Ulaagawwan Dorgommii:**

1. Eeyyama daldalaa kan haaromfateefi gibira mootummaa kaffaluu isaa raagaa guutuu (tax clearance) dhiyeeffachuu kan danda'u;
2. VAT galmaa'aa kan ta'eefi ragaa kan dhiyeessuu danda'au;
3. Ragaa Eenyummeessaa Kaffalaa Gibiraa (TIN) dhiyeessuu kan danda'u;
4. Dorgomtootni tarreeffama dhiyeessitootaa (list of Suppliers) keessatti aragamuu qabu, ragaas dhiyeeffachuu qaba.
5. Ragaa hojiiwwan walfakkaatoo kanaan dura hojjetee cuqaastuu (link) wajjin akkasumas saamuda (sample work) filaashiidhaan kan dhiheessuufi dhaabbata hojjeteef irraa muuxannoo dhiyeessuu kan danda'u;
6. Dorgomtootni sanada caal-baasii **faayinaansii** fi **teekinika (technical and financial proposals)** isaa adda baasuun poostaa lamaan saamsuun chaappaan kan mirkanaa'e dhiyessuu kan danda'u
7. Dorgomtootni caal-baasichaa gatii dorgommii hanga dhiyeessan irraa kabachiisa caal-baasii %1 baankiin kan mirkanaa'e (CPO) qabsiisuu kan danda'u
8. Mo'ataan caal-baasichaa sagantaan kun itti qophaa'u (Skylight Hotel)tti hojjechuu qaba
9. Mo'ataan caal-baasichaa yeroo waliigaltee mallatteesse keessatti hojjetee xumuruu kan danda'u.
10. Mo'ataan caal-baasichaa Viidiyoofi fotoo Editiingii (Edit) isaa xumuree haardi diiskiin(hard disk) galii gochuu qaba,
11. Dhaabbatni dorgomu kamuu poostaa saamsamame dugdaisaa irratti hojii dorgomuu barbaadu barreessee galchuu qaba
12. Dorgomtootni hundiyyuu Qopheessaa taatee(Event Organizer) irratti Dizaayinii taatechaa Siidiifi Link (Soft coppy) dhaan qabate guyyaa poostaan banamu koreef dhiyeessuu qaba
13. Dorgomtoonni caal-baasichaa guyyaa beeksisi kun gaazexaa Kallachaa Oromiyaa irratti bahe irraa kaasee, Sanbata duraa dabalatee guyyoota hojii 15(kudha shan) keessatti sa'aatii hojii Mootummaatti, jechuunis **sa'aatii 2:30** hanga sa'a **11:30tti** Waajjira Komiishinicha Finfinnee Naannoo Boolee Alam Siniimaa Gamoo Noah Real state darbii 7ffaa irratti kan argamu kutaa Faayinaansii irraa ibsaa fi tarreeffama caal-baasii kanaaf qophaa'e Sanada caal-baasii qar. 500 (dhibba shan) kan hin deebine baankii Siinqii lakk. Herreega Baankii **1047921671211, Tourism Commission** jedhu irratti galii gochuun bitachuun gatii tokkoo guutanii saanduqa caal-baasichaaf qophaa'etti galii gochuun ni danda'ama.
14. Dorgomtootni Sanada caal-baasii yemmuu galchan jalteenya (copy) kabachiisa caal-baasichaatiif qabsiisan qabatanii dhihaachuu qabu
15. Caal-baasichi guyyaa caal-baasiin cufametti bakka dorgomtoonni ykn bakka bu'otni isaanii argamanitti waaree dura sa'atii 5:00tti galma waajjira Komiishinchaatti kan banamu ta'a. Komishinichi dorgomtootaaf bilbila dorgomtootni kennaniin kan beeksisu ta'a.

**Hubachiisa**

- Dorgomtootni caal-baasichaa seerota hin tuqamne kan Naannoo fi Federaalaa kabajuuf dirqama qaba. Haala waliigalaa caal-baasii ilaalchisee qajeelfama dorgomtootaa sanda caal-baasii wajjin walitti hidhame kan kennamu yoo ta'u dorgomtootnis sirriitti hubachuun akka dorgoman irraa eegama.
- Dorgomtootni caal-baasichaa qajeelfama dorgomtootaaf kennamuuf kabajuu qabu
- Mo'ataan caal-baasichaa mo'achuun isaa guyyaa itti ibsameef irraa kaasee guyyoota 5 (shan) gidduutti waliigaltee mallatteessuu qaba. Kabachiisa walgaltee kanaaf kan ta'u %10 ragaa (CPO) Baankii irraa dhiheessuu qaba.
- Komiishinichi caalbaasicha guutummaanis ta'e walakkaan mirga haquu qaba **Komiishinii Tuurizimii Oromiyaa**

**Caalbaasii Ifaa**

Bulchiinsa Magaalaa Shaggaritti Kutaa Magaalaa Gafarsa Gujeetti Waajjirri Maallaqaa Gujee manneen hojii mootummaa Aanichaa keessatti argamaniif meeshaalee barreeffamaa, uffata danbii, meeshaalee qulqullinaa, Meeshaalee Elektiroonicksii fi Meeshaalee dhaabbii biiroo keessaa bara baajataa 2018 tiif Caal-baasii Ifaatiin wal-dorgomsiifnee bituu waan barbaanneef, kanaafuu caalbaasii kanarratti dorgomtoonni hirmaachuu barbaaddan hundaaf,

**Ulaagaa Dorgommichaf barbaachisu;**

1. Dorgomtoonni Caalbaasiicha irratti hirmachuuf eeyyama daldala seeraa qabeessa,waraqaa galmee ragaa daldala, lakkoofsa kaffalaa gibiraa fi galma'aa dabalataa qabeenyaa (VAT) ta'uu isaanii kan ibsu ragaa ifaatti mul'atuu dhiyeeffachu kan danda'uu,
   - Gosa Eeyyama daldala fi gosa hojii daldala xiqqaa ifaatti kan argamu ta'u qaba,
   - Gosni Eeyyama daldala karaa boodaa haa ilaalamu jedhuuf koppii Eeyyama daldalaa karaa boodaa ifaatti mul'achuu qaba.
   - Eeyyama daldala bara 2017/2018 haaromee fi caalbaasii bara 2018 tiif xalayaa caalbaasii irratti hirmachuu danda'aan (Tax Clearance) waajjira galiiwwaan irraa dhiyeeffachuu kan daanda'u,
2. Dorgomtoonni waraqaa dhiyeesumma(supplyer List) Ministeera maallaqaa ykn waajjirri maallaqaa kennu keessatti kan galma'anii fi meeshaalee gurguraniif nagahee seera qabeessa maqaa dhabbatichan qophaa'e fi Waajjira galiiwwaniidhaan kan mirkana'ee ta'uu qabu,
3. Dorgomtoonni gosa meeshaa dorgomaan irratti sanada caalbaasii isaanii ifatti addaa baasan barreessu qabu,
4. Dorgomtoonni kamiyyuu erga caalbaasiin baname booda sanada jijjiru,foyyeessu ykn dhiiseera jechuu hin danda'aamu,
5. Manni hojiicha meeshaalee bittaa raawwachuuf caalbaasii baasee irratti moo'ataa ta'ee filatame waliin waliigaltee osoo hin mallatteesiin dura gatii ittiin mo'ate osoo hin jijjiiriin baayina dhiyaatuu ajaja kennu irraa **dhibbeenta (%) 20** hir'isuun ykn dabaluu danda'a,
6. Dorgomtoonni Meeshaalee dhiyeessan hundaa akkaataa ispeesifikeeshinii ykn ispeesifikeeshinii dhiyaatee ol sanada caalbaasii keessatti addaa baasee mana hojiichaf dhiyeesee yoo mirkana'ee fi murtoo koree yoo argatee waliigaltee keessa galuun qulqulinaan akka dhiyaatu gochuu akkasumas qulqullina isaa eeggatee kan hin dhiyaanne fi dogoggoora yoo uumamee ittigaafatamummaan kan dhaabbatichaadha,
7. Dorgomtoonni gosa meeshaa dorgomani **gatii baaqqee fi gatii waliigalaa vaatii (VAT) waliin dhiyeessu dirqama qabu** akkasumaas gatii baaqqee fi gatii waliigalaa gidduu gaargartummaan yoo jiraate gatii baaqqeen ni fudhatama haaluma kanaan gatiin lakkofsaan barra'ee fi qubeedhan barra'ee gidduu gargartmaan yoo jiratee kan qubeedhan barreeffamee ni fudhatama.
8. Dorgomtoonni gosa meeshaa moo'atan dhiyeessuuf mana hojjichaa waliin waliigaltee mallatteessuu qabu,
9. Wal-harkaa fuudhiinsi meeshaa kan taasiffamu moo'ataan haala waliigaltee raawwateen meeshaa hunda baasii mataa isaatiin Waajjira Maallaqaa Aanaa Gujeetti **Kuusaa Meeshaa** waajjirrichaatti dhiyeessun qulqullinni isaa erga ogeesootaan ykn koreen mirkanaa'ee fi bakka meeshaalee wabumaan (guaranty) akka itti dhiyaatu gaafatame irratti ogeessaan ilaalamee mirkana'uun meeshaalee hundaa erga xumuree galii godhe booda kaffaltiin kan raawwatu ta'a,
10. Dorgomtoonni Kabachiisa caalbaasii **(CPO) dhibbeenta (% 1.5)** Maqaa Waajjirrichaan qabsisuun sanada caalbaasii waliin dhiyeeffachuu kan qaban yoomuu ta'u dorgomtoota caalbaasii moo'ataman mo'amuun isaanii akka mirkana'een kabaachiifni caalbaasii akka deebi'uu ta'ee dhaabbileen caalbaasii moo'atan kabaachiisa waliigaltee **dhibbeenta % 10** hanga qabsifamutti qabame kan turuu ta'a.
11. Dorgomtoonni caalbaasii moo'ataniif kabaachiisa caalbaasii **(CPO)** qabame turee akkuma waliigaltee raawwachuun isaan mirkana'een kan deebi`uu ta'ee kabaachiisa waliigaltee **(CPO) dhibeenta (% 10)** yeroo **ji'a 3'f (sadiif)** turu baankiin mirkanaa'e qabsiisuu qabu,
12. Dorgomtoonni haala waliigalteen raawwachuu yoo didan kabaachiisa waliigaltee CPO qabsisan mana hojii caalbaasicha dorgomsiseef galii ta'a, akkasumas akkaataa waliigaltee raawwateen meeshaalee hin dhiyeesineef guyyaa waliigaltee raawwate irraa egalee guyya guyyaan **dhibeenta (% 0.1)** meeshaalee waliigaltee raawwateef ni kaffala. Haa ta'uu malee addabni kun **dhibeenta % 10 ol** yoo caalee manni hojiicha haquuf mirga qaba,
13. Dorgomtoonni gosa meeshaa **saamuudni** deebiyyuu itti dhiyaatu fi bakka gosa meeshaa ibsa dabalaata barbaduu irratti sanada caalbaasii waliin wal-qabsisanii dhiyeessu qabu ykn osoo caalbaasiin hin banamni dura dhiyeessuu qabu,
14. Dorgomtootni sanada caalbaasii isaanii poosta inveeloppii **cuqalameen orijjiinala fi koppii** dhiyeeffachu qabu.
15. Dorgomaan kaamiyyuu adeemsa caalbasichaa irratti komii qabu barreeffamaa fi qaamaan akkasumas Lakk.Bilbilaa 0910522997 Telegram 0910522997 irratti dhiyeeffachu qabu,
16. Oomisha biyya keessaaf dursii ni kennama,
17. Moo'ataan caalbaasiicha mana hojii waliin waliigaltee ji'a 6'f (jahaaf) ni mallatteessa akkasumas meeshaalee waliigaltee raawwatee irratti sirreeffamni gatii taasifamuuf biirichi ykn Ejensiin istaatiiksii biyyooleessa mirkaneessa gatii dhiyaate bu'uura godhachuun sirreeffamni gatii ni godhama,
18. Gatiin dhiyeessa caalbaasicha guyyaa caalbaasiin baname irra egalee guyyoota 60'f (jahatama) murta'ee kan turuu ta'a,
19. Dorgomtoonni biyyaa keessaa sanada caalbaasicha irratti yaada fooyya'insaa yoo jiraate guyyaa baniinsa caalbaasichaa guyyaa 5(shan) duraa beeksisu qabu,
20. Dorgomtoonni kanneen armaan gadii keessaa tokko yoo hin guunne dorgommii keessaa ni haqamu,
    - Eeyyama daldala fi ragaawwan kan biroo ifaa hintane ykn duubiffamu hin danda'amne waliin yoo dhiyaate,
    - Sanada dhiyeessa gatii keessan irratti Maqaa dhaabbaticha, odeeffannoo guutuu, Mallattoo fi chaappaa ifatti yoo hin jiraneef CPO baankiin hin mirkannoofne yoo dhiyeesee,
    - Sanada dhiyeessa gatii keessan irratti **safartuu, gosa, hanga fi baayina meeshaalee siirriitti** ilaaluun yoo guutuu baatan,
    - Haaqa fi laqaa akkasumas sanada caalbaasii ykn ragaa ifaa hin tanee,
    - Guyyaa baniinsa caalbaasii raawwaatu irraa egalee (**Price validity date < 60 day's**) ykn guyyaa ibsamee gadi buusee yoo kennamee,
    - Dorgomtoonni guutuunis ta'ee gar-tokkeen dorgomuu yoo daanda'an illee meeshaa tokko hanga gaafatamee gadi xiqqeessanii dhiyeessuuf yoo gatii kennaan,
    - Dorgomaan tokko gatii kenne irratti hundaa'ee gatii kennuuf yoo yaale,
21. Dorgomaan kamiiyyuu qalamoota orijjiinala**(Genuine)** fi wabii (guaranty) dhiyeessu qaba akkasumas qalamoota guutamni fi irraa deebiyyuun oomishamni yoo dhiyeesee seeraan itti gaafatammuu,
22. Dorgomtoonni meeshaalee dorgomanni maqaa meeshaa (Brand Name) bakka gaafatameetti sirritti addaan baasan ibsu qabu,
23. Dorgomtoonni uffataa seeraa irratti dorgomaan gatii meetiraa tokko dhiyeessa gatii isaanii irratti gatii yeroo kennaan haala uffaticha **Arba bal'aa( Arba Saffii)** ta'uu isaa ibsu qabu,
24. Sanduuqni caalbaasii guyyoota hojii 15(kudha shan) gaafa guyyaa 29/12/2017 **hanga** 12/01/2018 qilleensa irraa turee gaafa guyyaa 15'f (kudha shanaaf) Sa'aatii **11:30tti** cufamee gaafa guyyaa **16'f (kudha jahaaf) Saáatii 8:00irratti** bakka dorgomtootni ykn bakka bu'oonni argamanitti Waajjira Maallaqaa Aanaa Gujeetti darbii 2ffaa Kutaa Bittaa Bulchinsa Qabeenyaa bakka haalli mija'eetti kan banamu ta'a,
25. Moo'atan caalbaasii meeshaalee dhaabbii biiroo keessaa elektirooniksoota kan akka kompiteeraa, labtop pirniteeraa, Maashinnota Faaksii, Footoo Koppii LCD Projector kkf wabii **(guaranty)** yeroo galii godhan waliin dhiyeessu qabu,
26. Waajjirrichi karaa fooyya'aa yoo argatee guutuma guutuutti ykn gar-tokkeen bittaa meeshicha haquuf mirgaa qaba,
27. Dorgomtoonni kamiyyuu Sanada Caalbaasii qarshii hin deebine 200(Dhibba lama qofa) baayína sanada bitataniin kanfaluun Waajjira Maallaqaa Aanaa Gujeetii argamanii bitachuu dandaú,
28. **Bakka mallattoo @** kun itti argamutti gosa meeshaaleen **samuudni** itti dhiyaatudha,
29. Meeshaalee **Farniicheerii** walitti hidhamni dhaabbatichi baasii mataa isaan erga walitti hidhee booda ogeessan ilaalamee wal-harkaa fuudhiinsi ni godhama.

**Qajeelfama Waligaltee**

1. Uffata danbii dhaaf kan barbaadaniif uffataa diriraa/bittinii fakeenya isaa sanda wajjiin waliin qabisisanii dhiyeessuu qabu.
2. Mo'ataan calbasii erga beekamee boodaa kabachisaa walligalitee bittaa 2% qabisisee walii-galtee uumuu qaba.
3. Meeshalee dhiyeessan hundaaf qulqullina isaatiif wabii dhiyeesuu kandanda'uu.
4. Waldan IMX dhaan gurmaa'ee qaama isaa gurmeessee irraa wabii kabachisaa calbasii xalayaa dhiyeesuu qaba.
5. Meeshaa dhiyeessuu hundaa orijinalaa isaa dhiyeessuu kan dandau ta'u qaba **Odeffannoo Dabalataaf Lakk. Bilbilaa 0910 522997, 0922498455ykn 0994944607 Kutaa Magaalaa Gafarsa Gujeetti Waajjira Maallaqaa Aanaa Gujee.**

**Caalbaasii Bittaa Meeshaalee Biiroo Marsaa 1ffaa Bara 2018**

Waajjirri Maallaqaa Godina Shawaa Lixaa Hojii Seektarootа Godina Bara 2018 tiif kan olu **Uffata Seeraa, Meeshaalee Barreeffamaa, Meeshaalee Qulqullinaa, Meeshaalee Elektroniksii, Meeshaalee dhaabbataa Biiroo keessaa, fi Goommaawwan Konkolaataa** labsii bittaa mootummaa Naannoo Oromiyaa Lakk 157/2002 fi Qajeelfama Bittaa mootummaa Naannoo Oromiyaa lakk.02/2004 irratti fi qajeelfamoota isaan bu'uureffatanii fooyya'nii bahan irratti hunda'udhaan Caalbaasii ifaa baasee dorgomsiisee bituu barbaada.

**Ibsa Balli'inaan**

Caalbaasiin kun guyyaa Gaazexaa Kallachaa Oromiyaa irratti bahe calqabee gosoota fi waliigala odeeffannoo meehsaalee bitamuuf barbaadaman kan ibsu sanada caalbaasii akaakuu bittaa tokko tokkoo qopha'e kan hin deebine qarshii 500 (dhibba Shan) herrega baankii keenya **Baankii Siinqeetti Tele Birriidhaan /Koodii gabaabaa 541445 fi Operator ID 890411/ galchuudhaan Wajjira Galii Godinaatti naga'ee** fudhachuudhaan yeroo hunda sa'atii hojii waajjira keenya Waajjira humna Ibsaa Damee Amboo fuuldura tti argamu gamoo waajjira Maallaqaa Godina shawaa Lixaa Kutaa Bittaa fi Bul. Qabeenyaa dhufudhaan bitachuun ni danda'ama.

**Ulaagaa Dorgomtoonni guutuu qaban**

1 Gibira Bara kanaa Kan kaffalanii fi Zarfii daldaala meeshichaatiin heyyama daldala haarome Kan qaban, ragaa footoo kopiii qabatamaa dhiyeessuu qabu.
2 Galma'aa taaksii dabala qabeenyaa Kan ta'an footoo kopii sartafikeetii VAT dhiyeessuu qabu.
3 Tarree dhiyeessitootaa Keessatti kan galma'anii fi ragaa galmee dhiyeessummaa ministeera Maalaqaa YKn caasaalee sadarkaan jiran irraa baasanii koppii isaa dhiyeessuu kan danda'an,
4 Dorgomtoonni kamiyyuu baayina gatii waliigala kennitaniin kan shallagamu meeshaalee gosa akaakuu bittaa SC qophaa'e tokko irratti kabachiisa caalbaasii maallaqa caallaa waliigaltee booda deebi'u Qar. 50,000.00 (Kuma Shantama) herrega baankii maqaa waajjira keenyaatiin **Baankii Siinqee jiru Lakk. 1071403051215 tti** galii taasisuun nagahee galii adeemsa bul. faayinaansii waajjira keenyaatti erga itti citeen booda koppiin nagahee kanaa sanada caalbaasii waliin poostaa saamsame faana dhiyaachuu qaba.
5 Dorgomtoonni gatii meeshaalee tokko tokkoon ittiin dorgoman sanada caalbaasii irratti qofa guutuudhaan Orjinaala isaa fi Footoo kopii isaa adda aaddatti (qofa qofaatti) poostaa samsamameen caalbaasiin kun guyyaa gaazexaa irratti bahee eegalee kan lakka'amu hanga guyyaa hojii 15 tti sa'aatii hojii kan gurguramu ta'ee, hanga gaafa guyaa hojii 16ffaa waaree booda sa'a **8:30** irratti waajjira keenya armaan olittii bsametti saanduqa caalbaasii kanaaf qopha'e keessa galchuu qabu.
6 Caalbaasiin kun guyyaa 16ffaa armaan ol lakkoofa 5 irratti ibsame waaree booda sa'aatii **8:30** irratti cufamee guyyuma kana sa'aatii **8:45** tti dorgomtoonnii ykn bakka bu'oonni seeraa isaaniifii qaamoleen irratti hirmmaachuu barbaadan ykn barbaadan bakka arggamanitti ni banama. Dhaabbatni caalbaasicha galche ykn bakka bu'an yoo jiraachuu baates poostaan isaani ni banama.
7 Dorogomtoonni Caalbaasii kana irratti mo'ataa ta'an kamiyyuu yeroo waliigaltee mallatteessan gatii waliigalaa meeshaalee mo'atanii %10 Wabummaa raawwii caalbaasiichaa Maallaqa callaa herrega baankii maqaa waajjira keenyaatiin **Baankii Siinqee Lakk. 1071403051215 tti** galchee naga'ee waajjira keenyaa kutaa bul. Faayinaansii irraa fudhchuudhaan waliigalteedhaaf dhiyaachuu qabu. Dorgomtoonni mo'ataa fi mo'ataman caalbaasicha erga ifa ta'ee waliigaltee mo'ataa waliin galamee booda kabachiisni caalbaasii duraa sanada caalbaasii wajjin galchan fudhachuu ni danda'u.
8 Dorgomtoonni caalbbaasii kana mo'atan baasii kamiyyuu danda'udhaan meeshaalee irratti mo'atan mana kuusaa waajjira Maallaqaa Godina shawaa Lixaa Magaalaa Ambotti dhiyeessuu qabu.
9 Kaffaltii Maallaqa gatii meeshaalee dhiyaataniif taasifamuuf akka mija'u dhiyeessan kamiyyuu herrega **Baankii Siinqee** qabaachuu fi beeksisu qabu.
10 Waajjirichi mala ykn filannoo biraa yoo argate caalbaasii kana gartokkes ta'ee gutummaa guututti Haquudhaaf mirga qaba.
11 Dorgomaan hundumtuu poostaa sanada yaada dorgommii dhiyeessu duuba isaa irratti **bilbila dhaabbata isaanii ykn maanajara dhaabbata isaanii** kan hojjetu, **Telegiraamii fi E-mail isaanii kan hojjetu** ifaatti barreessuu qabu. **Ragaa dabalataan barbaadamuuf Lakkoofsa Bilbilaa 011-260-96-34, 0938-93-26-66 ykn 0911-35-34-32 Waajjirri Maallaqaa Godina shawaa Lixaa**

---

**Caalbaasii Ifaa WMAIG /01/2018**

Godina Shawaa Lixaatti,Waajjirri Maallaqaa Aanaa Iluu Galaan hojii Seektaroota Aanichaa bara baajata 2017tiif kan oolan Meeshaalee Uffataa seeraa hojjettoota, Meeshaalee Bareessaa, Meeshaalee Qulqullinaa, Gommaawwan Konkolaataa fi Motorsaayikiloota, Meeshaalee Dhaabbataa /Elektirooniksii/ Farniicharootaa/ fi Motorsaayikiloota caalbaasii ifaatiin wal-dorgomsiisee bituu barbaada. Kanaafuu,dorgomtoonni ulaagaa guuttan caalbaasii kana irratti dorgomuu kan barbaaddan dorgomuu ni dandeessu.

1. Dorgomtoonni kallatti hojii daldalaa isaaniitiin Eeyyama dhiyeessa seera qabeessa ta'e kan qabani fi unka facaatii dhiyeessitoota keessatti galma'uu isaanii ragaa sanadoota ittiin galmaa'aan ragaa Lakk.TIN isaa footoo koppii isaa sanada caalbaasii waliin qabsiisanii dhiyeessu qaba.
2. Caalbaasii bara baajata 2018 irratti hirmaachuu akka danda'an fi gibira kaffaluu isaanii ragaa qaama isaan hundeesse irraa dhiyeeffachuu kan danda'an ta'uu qabu
3. Dordomaan dhiyaatu galmaa'a /VAT/galmaa'uu isaatiif ragaa koppii isaa dhiyeeffachuu kan danda'uu.Akkasumaas,VAT parsantii 50 Aanaa irratti kan cituu ta'uu bekkee dorgomuu qaba.
4. Dorgomaan sanada caalbaasii guyyaa beeksini kun Gaazexaa Kallachaa Oromiyaa irratti maxxanfamee bahee eegalee guyyoota hojii 15(kudha shan)keessatti yeroo hunda sa'aatii hojii ragaa Eyyama daldalummaa isaa ibsu qabatee dhiyaachuun Maallaqaa hin deebine qarshii 500(dhibba shan)qofa kaffaluun kutaa ABBQ Lakk.8 qaamaan dhiyaachuun sanadicha bitachuus ta'e deebisuu ni danda'u.
5. Dorgomaan kamiyyuu kabachisaa caalbaasichaaf kan oluu qarshii 15,000(kuma kudhaa shan) maqaa Waajjira Maallaqaa Aanaa Iluu Galaan cheekii(CPO)baankiin mirkana'e ykn IMX yoo ta'an xalayaa deeggarsaa osoo hin taane Wabummaaf kan oolu qaama isaan hundeesse/gurmeesse/ irraa sanada orjinaala caalbaasicha waliin qabsiisee dhiyeessuu qaba.
6. Dorgomtoonni sanada caalbaasichaa poostaa saamsameen orjinaalaa fi koppii addaan baasuun hanga gaafa guyyaa sa'aatti sanadichi cufamuutti waajjira Maallaqaa Aanaa Iluu Galaanitti sanduqa caalbaasichaaf qophaa'e keessa galchuu qabu.
7. Caalbaasichi gaafa guyyaa 16ffaa sa'aatti 4:30 cufamee sa'aatti 5;00 ni banama yoo guyyaan Ayyaana ta'e guyyaa hojii isa aanuutti darbee bakka dorgomtoonni ykn bakka bu'oonni ykn taajjabdoonni bakka argamanitti Waajjira Maallaqaa Aanaa Iluu Galaan Lakk.8 keessaatti ni banama.
8. Mo'ataan caalbaasii meeshaalee mo'ate hunda baasii isaatiin hanga Waajjira Maallaqaa Aanaa Iluu Galaan Magaala Ijaajjiitti (mana kusaa waajjiricha/store)yeroo jedhame keessatti baayinaa fi qulqullina jedhameen dhiyeessuu qaba.
9. Waajjirichi mala ykn filannoo biraa yoo argate caalbaasii kana gar-tokkeenis ta'e guutummaan guutuutti haquuf mirga qaba.
10. Odeeffannoo guutuu sanada caalbaasichaa waliin kan jiru qajeelfama dorgomtootaa irraa argachuun ni danda'ama.**Odeeffannoo dabalataaf 0905659522 ykn 0905621939 Teessoon Godina Shawaa Lixaa Aanaa Iluu Galaan Finfinnee irraa km 204 Godina Shawaa Lixaatti,Waajjirri Maallaqaa Aanaa Iluu Galaan Magaalaa Ijaajjii**

**Caalbasii Ifaa Marsaa Jalqabaa Bara Baajata 2018**

Bulchiinsa Magaalaa Shaggaritti Manni Murtii Aanaa Kutaa Magaalaa Buraayyuu Bittaa Meeshaalee garaa garaa Kanneen akka :Uffata dambii hojjatootaa Meeshalee barreeffamaa, Meeshaalee qulqullinaa, Meeshaalee dhuumaa biroo keessaa, meeshaalee elektirooniksii fi farnicharoota garaagaraa caalbaasii ifaatiin waldorgomsiisee bittachuuf dhiheessitootaf waamicha taasisee jira.

**Ulaagaalee Dorgommiif Barbaachisan;**

1. Hirmaatonni Caalbasii kana irratti hirmaachuuf hayyamaa daldalaa seeraa qabeesa haaromfamee fi ragaa kaffaltii gibira bara baajataa Kanaa dhiheeffachuu fi galma'aa VAT ta'uu qabu;
2. Dorgomtoonni TIN qabaachuu qabu;
3. Sanadoota dorgommiif barbaachisan Orijinaalaa fi koppiiisaa poostaa adda addaatti Samiidhan sirnaan saamsaani dhiyeefachuu qabu.
4. Saamudaa (Sample) Guyyaa caalbaasichi banamuun duratti dhiyeefaachuu kan danda'an; Sanadni Caalbaasichaa Haqamaa fi Laaqama tokko malee guutamee poostaan saamsamee dhihaachuu qaba
5. Dorgomtootni sanadaa dorgommii dhiyaatu irrattii Maqaa,Teessoo,Lakk. bilbilaa isaanii barreessuun Chaappessanii maallatteessuun dhiheesuu qabu;
6. Dorgomtootaa dhuunfaa warraa ta'aniif kabachiifni Caalbaasii kan booddee deebi'uu qarshii10,000 CPO dhaan ykn Cheekiidhaan ykn mallaqaa Callaa qabsiisuun kan irraa eegamu yoo ta'u,waldalee IMX warra ta'anif immoo hanga qarshiin kabachiisa caalbaasii armaan olitti tuqame kanaa irraatti wabummaa qamaa isaan gurmeesse irraa xalayaa seeraa qabessa ta'ee kan Mata-dureedhaan Mana Murtichaaf barraa'ee dhiheeffachuu qabu;
7. Dorgomtootni guyyaa Caalbaasiin kun bahe irraa eegalee guyyoota hojii walitti aanan 14 (kudha Afur) keessatti sa'aatii hojiitti Mana Murtii Aanaa Kutaa Magaalaa Buraayyuu Biiroo Lakk. 46 tti dhiyaachuun qarshii 200 kan hin deebine kaffaludhaan sanada waa'ee Caalbaasichaa ibsu fudhachuun sirnaan guutanii Poostadhaan saamsun guyyaa beeksisni kun bahe kaasee hangaa guyyaa hojii 15ffaa sa'aatii 8:30tti biiroo lakk.46tti deebisuu kan danda'an yoo ta'u, caalbaasichi gaafuma guyyaa xumuraa(guyyaa 15ffaa) kana sa'atii 8:40 kan banamu ta'a.
8. Manni Murtiichaa filannoo fooyya'aa ta'e biroo yoo argate caalbaasiicha guutummaatti ykn gamisaan haquu ni danda'a.

**Odeeffannoo dabalataaf**

- Teessoon keenya:-Mootummaa Naannoo Oromiyaatti;Bulchiinsa Magaalaa Shaggaar, Kutaa Magaalaa Buraayyuu bakkii addaa isaa Tsaraa **Tsihoon,Daandii Aspaaltii Keellaadhaa gara Saansuusii geessu irra.**
- **Lakk.bilbilaa +251-112-84-21-69/+251-112-62-53-31**
**e-mail:mmakm.buraayyuu@gmail.com**
**website:www.bssco.gov.et Manni Murtii Aanaa Kutaa Magaalaa Buraayyuu**

---

**Caalbaasii Iffaa**

Godina Shawaa Lixaa Aanaa Ilfataattii Waajirri Mallaqaa Meeshaalee adda addaa,(**Meeshaa Dhaabbii Biiroo keessaa ,Meeshee Barreeffamaa,Meeshaalee Elektirooniiksii Meeshaalee Qulqullinaa, Meeshaalee Ijaarsaa, Uffata Danbii Gommaa Konkolaataa, Midhaan Dheedii** fi **Mi'eessituu Adda** addaa Caalbaasii ifaan wal-dorgomsiisee bu'uura Qajeelfama Labsii Bittaa Mootummaan **Lakk.157/2002** baheen Baajata Bara **2018**tiin seektaroota Mootummaa Aanichaatiif bituu barbaada. Kanaafuu dorgomtoonni ulaagaalee armaan gadii guutuu dandeessan akka dorgomtan affeeramtaniittu.

1. Dorgomtoonni meeshaalee kana dhiyeessuuf eeyyama daldaalaa seera qabeessa kan qabuu fi gibira bara **2017** kan kanfalee eeyyama isaa haaromfate.
2. Galma'aa VAT kan ta'ee fi ragaa dhiyeeffachuu kan danda'u.
3. Gosa meeshaa kam irratti akka hirmaatan ykn dorgoman sanada isaaniirratti adda baasanii barreessuu qabuu eeyyama daladaalaa isaaniis dhiyeessuu qabu
4. Meeshaa /mi'a /irratti dorgoman maqaa isaa /brand name/ iddoo itti hojjatame adda baasuu qabu.
5. Caalbaasiin erga banamee booda waanta sanadairrtatti guutan jijjiiruu,fooyyessuu, fi dhiisuun hin danda'amu.
6. Waajirichi akkaataa barbachisummaa isaan meeshaalee xiqqeessuu fi dabaluu ni danda'a.
7. Akkataa guca dhiyaateen guutee yoo dhiyeessuu baate dogoggora uumamuuf kan itti gaafatamu qaama dhiyeessedha.
8. Iddattoo/sample/ meeshaa sanaa yeroo hojii hunda waajira Maallaqaa Ilfataa **lakkoofsa 3** dhiyeessuu qabu.
9. Gatiin tokkoo yeroo guutamu haqaa fi laaqaa kan hin qabne .
10. Mo'ataan kamiyyuu meeshaalee mo'ate fe'ee fidee mana meeshaa waajirichaatti galii taasisu qaba
11. Dorgomaan dhuunfaa ykn IMX muuxannoo qabu tokko waadaa seene irratti **10% CPO** baankiin mirkaneesseeqabsiisuu qaba.IMX muuxannoo hin qabne yoo ta'e waajira isaarraa warqaa wabummaa haarome dhiyeeffachuu qaba.
12. Dorgomaan tokko mo'amuu isaa yoo beeke dorgommichaaf maallaqa wabummaa qabsiise yeroo sanatti fudhata.
13. Caalbasiin kun gaafaa guyyaa 29/12/2017 Gaazexaa Kallacha Oromiyaa bahe irraa eegalee waliitti fufinsaan guyyaa hojii **10** keessatti maallaqa hin deebine qarshii **250 /Dhibba lamaa shantama/Abbaa taayitaa galiiwwanii aanaa ilftaatti galii gochuun** Waajjira Maallaqaa aanaa Ilfataa lakk. **3** sanada bitachuu ni danda'ama.
14. Dorgomaan sanada caalbaasii isaa orjinaalaa fi koppii isaa adda baasee saamsee dhiyeessuu qaba.
15. Dorgomaan kamiyyuu dorgomaa caalbaasii ta'uuf maallaqa gatii waliigalarraa **1%** kabachiisa caalbaasiif /bid bond/ cheekii baankiin mirkaneesseef qabsiisuu qaba.
16. Dorgomtoonni sanada caalbaasii isaaniirratti maqaa isaanii fi naannoo isaanii sirreessanii barreessuun mallatteessuu qabu.
17. Beeksifni caalabaasii bahee gaafa guyyaa **10/01/2018** sa'aatii **6:30** irratti cufamee, guyyaa sana bakka dorgomtoonnii ykn bakka bu'oonni dorgomtootaa jiranitti sa'a **8:00** irratti ni banama.
18. Waajirichi carraa fooyya'aa yoo argate caalbaasicha guutumaan guutuutti ykn gartokkeen haquu ni danda'a

Hub.Dorgomtoonni mi'oota yeroo jedhame keessatti galii taasisanii qarshii isaanii fudhachuu qaba.

Godina Shawaa lixaa Aanaa Ilfataa Dallaa Waajira Bulchiinsaa keessaa Odeffanoo dabalataa yoo barbaaddan Lakk. bilbilaa **0910134520 Waajira Maallaqaa Aanaa Ilfataa**

*Caalbaasii Ifaa Lakk. 1/2018*

Bulchiinsa Magaalaa Shaggar Kutaa Magaalaa Gafarsa Gujeetti Waajjirri Maallaqaa Aanaa Kolooboo Finfinnee Irraa KM 19 Irratti Fagaattee Kan Argamtu yoo ta'u Bara Baajataa 2018 tti Caalbaasii Ifaa dhaan Uffata Seeraa Hojjettootaa, Meeshaalee Dhumeeyyii Biiroo , Meeshaalee Qulqullinaa , Meeshaalee Dhaabbii Biiroo fi Elektirooniksii, Meeshaalee Barreeffamaa, Meeshaalee Haaromsaa fi Gommaa Konkolaataa Akkaataa Labsii 157/2002 Fi Qajeelfama Bittaa Bara 2004 Bahe Irratti Hundaa'uun Dhiyeessitoota Waldorgomsiisee Caalbaasii Ifaatiin Bituu Barbaada.

**Ibsa Caalbaasichaa**

Sanadni Caalbasii Kun Guyyaa Gaazexaa Kallacha Oromiyaa irratti bahe irraa Eegalee Guyyaa Hojii Mootummaa Walitti Fufiinsaan Guyyaa 15 niif ykn Hagayya 29/2017 Irraa Hanga Fulbaana Guyyaa 15/01/2018 tti Kan Gurguramu YooTa'u Gaafa Dhumaa ykn Gaafa Guyyaa 15/01/2018 Guyyaa Keessaa Hanga Sa'aa 6:30 tti Qofaa Kan Gurguramu Nita'a. Kanaafuu Sanadni Caalbaasii Haala Meeshichaa Ibsu Qarshii Hin Deebine 700 (Dhibbatorba) Qofaan Account Baankii Siinqee Wajjira Maallaqaa Aanaa Kolooboo 1065073721215 Ta'e Irratti Galchuun Waajjiricha Irraa Qaamaan Argamuun Bitachuu Ni Dandeessu. Guyyaan Itti Sanadni Caalbaasichaa Banamu Ayyaana Irra Yoo oole Guyyaa Itti Aanutti Darbuu Kan Qabuu Fi YooDarbes Dorgomtoonni Bifa Xalayaatiinis Ta'e Bifa Bilbilaan Ni Beeksifamu.

Ulaagaalee Dorgomtootaa

1. Gibira Bara Kanaa Kan Kaffalee Fi Ragaasaa Dhiyeeffachuu Kan Dan'da'u
2. Lakkoofsa Eenyummaa Kaffalaa Gibiraa /Tin / Kan Qabu Fi Ragaasaa Dhiyeeffachuu Kan Dan'da'u
3. Dorgomtoonni Galmaahaa VAT Qabaniifii Ragaa Isaa Dhiyeeffachuu Kan Danda'an.
4. Sanada Caalbaasii Qarshii Hin Deebine 700 (Dhibba torba ) Tiin Bitachuu Kan Danda'u
5. Sanada Dhiyaatu Irratti Waan Sanadichi Gaafatu Maqaa Oomisheessaa, Bara Oomishamee Fi Moodelli Meeshaa Guutamuu Qaba.
6. Dorgomtoonni Sanada Dorgommii Dhiyaatu Irratti Maqaa,Teessoo,Lakk Bilbilaa,Chaappaa Fi Mallattoo Isaanii Guutuu Qabu
7. Dorgomtoonni hundi Kabachiisa Caalbaasii Deebi'uu Danda'u (Cpo)Baankii Siinqee,Baankii Daldala Itoophiyaa,Baankii hojii Gamtaa Oromiyaa,Baankii Awaash fi Baankii oromiyaa Dhaan Deeggarame qar.100,000( Kuma dhibba tokko) Dhiyeeffachuu Kan Danda'an ta'uu qabu.
8. Moo'ataan Kamiyyuu Meeshaalee Moo'atee Baayyinni Isaa Itti Himame Irratti Walii Galtee Gochuu Fi Meeshaalee Itti Himame Hunda Moodela Isaa Osoo Hin Jijjiiriin waajjira maallaqaa Aanaa koloobootti dhiyeessuu Kan Danda'u
9. Dorgomaan Kamiyyuu Tarree Dhiyeessitootaatti Kan Galmaahee Fi Ragaasaas Kan Dhiyeeffatu Ta'uu Qaba.
10. Dorgomtoonni Gatii Ittiin Dorgomuu Dhaaf Sanada yaada Dorgommii Irratti Guutan Oorjinaala Fi Coppii Isaa Adda Baasun Saamii dhaan Saamsanii Dhiyeessuu Qabu.
11. Sanduuqni Caalbaasii Fulbaana 15/01/2018 Guyyaa Keessaa Sa'aa 8;00 Irratti Ni Cuqqaalama
12. Saanduqni Caalbaasii Fulbaana 15/01/2018/ Guyyaa Keessaa Sa'aa 8;30 Irratti Bakka Dorgomtoonni Ykn Bakka Bu'iinsi Seeraa Isaanii Jiranitti Mooraa Waajjira Bulchiinsaa Aanaa Kolooboo Keessatti Ni Banama.

**Hubachiisa** Waajirichi Tooftaa /Carraa/ Biraa Argannaan Caalbaasicha Gartokkee Isaas ta'u guutummaan guutuutti haquudhaaf mirga qaba. **Odeeffannoo Dabalataaf Lakk. bilbilaa 0917 06 09 98 fi 0993 85 44 91 Bulchiinsa Magaalaa Shaggar Kutaa Magaalaa Gafarsa Gujeetti Waajjira Maallaqaa Aanaa Kolooboo.**

---

**Caalbaasii**

Waajjirrii Galiiwwan Bulchiinsi Magaalaa Adaamaa Kaffalaa Gibiraa **Obbo Abdallaa Mussaa** irraa idaa Gibiraaf Taaksii irraa barbaadamu osoo hin kaffalin waan hafaniif Qabeenya ykn Mana Jireenyaa G+2 Magaalaa Adaamaa kutaa magaalaa Boolee Aanaa Gooroo keessatti maqaa hadha warraa isaanii **Aaddee Fatiyaa Jibriil Usmaaniin** lakk,kaartaa **OR001015713008**n galma'ee karee meetira 400M$^2$ irratti qubatee argamu qabeenya abbaa idaa taaksii akkaataa labsii bulchiinsa taaksii mootummaa naannoo oromiyaa lakk.203/2009 kewwata 43tin aangoo kennameen caalbaasi ifaa ta'een gurguree idaa mootumaaf oolchuu waan barbaadeef;-

Namoonii Qabeenya abba idaa kana Bitachuu barbaadan ulaagaa armaan gadii guuttani caalbaasii irratti akka dorgomtan isin beeksifna.

1. Gatiin ka'umsaa caalbaasii Mana jireenaa kanaa Qarshii 10,096,468.36 (Miiliyoona kudhani fi kuma sagaltamii jahaa fi dhibba afurri fi jahaatamii saddeetti fi saantima 36/100) dha.
2. Dorgomtooti gatii ka'umsa caal-baasichaa keessaa (%10) Maallaqa CPOn dursani baankiitti galchun sanadaa baankii qabatanii akka dhiyaatan.
3. Guyyaa caalbaasiin qilleenssa irra kan turu gaafa 29/12/2017 hanga 24/01/2018 cuufame gaafa 25/01/2018 Sa'aatii 2;30 hanga sa'aatii 6;30atti namoonni ykn bakka bu'aa seeraan kennameen qabachuun kan dorgomtan ta'uu isin beeksisaa;-
4. Caalbaasicha abbaan moo'ate qarshii inni dursee kaffalee ykn CPOn qabsiise itti herreggameefii gatii ittiin moo'ate isaa ibsame irraa eegalee guyyoota 15(kudhashan )keessatti kaffalee xuumurudhaan qabeenyicha harkaan gahachu qaba.
5. Dorgomtoonni Manicha ittiin moo'atan guyyaa kudha shan (15) keessati kaffaltii barbaachisu kaffalee fixuu yoo baate qarshii wabii dhaaf qabsise waajjirichaaf galii ta'e caalbaasichi ni haqama.
6. Waajjirri Galiwwan Bulchinsa Magaalaa Adaama caal-baasii kanaaf haala mijataa yoo argate gar-tokkeenis ta'e guutummaan guutuutti caal-baasicha haqu ni danda'a.

**Hubachiisa;-ibsa dabalataaf lakk. bilbila;- 09 11 33 17 82 ykn 09 11 94 26 77/09 21 10 96 05 Waajjira Galiiwwan Buchiinsa Magaalaa Adaamaa.**

**Caalbaasii Ifaa Lakk.01/2018**

Godina Shaawa Lixaatii Waajjirri Maallaqaa Aanaa Amboo bara bajaata 2018 tiif kan ooolu Uuffata seeraa hojjettoota, Meeshaalee Barreessaa, Meeshaalee Qulqullinaa, Meeshaalee Dhaabbii, Farnicharii fi Meeshaalee Eleektrooniiksii, meeshaalee dhumeeyyii biiroo keessaa, Gommaa konkolaataa fi Doqdooqqee labsii bittaa mootummaa naannoo Oromiyaa baaseen caalbaasii ifaatiin dorgomsiisee seektaroota Aanaa keenya keessa jiran hundaaf bituu barbaada.

Caalbaasiin kun guyyaa Gaazexaa kallacha oromiya irratti bahee eegalee gosootaa fi waliigala odeeffannoo meeshaalee barbaadaman kan ibsu sanada caalbaasii gosa bittaa tokko tokkoon qophaa'e qar. **1,000.00 (kuma tokkoo**) hin deebine kaffaluudhaan yeroo hunda sa'aatii hojii mootummaatti waajjira Maallaqaa Aanaa Amboo **kuta Bit/Bulchinsa Qabeenyatti** argamuun bitachuu kan dandeessan ta`uu ,

**Dirqama Dorgomtootaa**

1. Gibira barichaa kan kaffalanii fi taaree daldala meeshichaatiin eeyyama daldalaa haarome kan qaban ta`ee ragaa qabatamaa dhiyeessuu kan danda'an.
2. Galmaa'aa Taaksii dabalata qabeenyaa(VAT) kan ta'anii fi footo koppii sartafikeettii VAT dhiyeessuu kan danda'an ta'e VAT % 7.5fi % 2 wajira mallaqaa A/Amboo kan haafu ta'u isaa hubachu,
3. Tarree dhiyeessitootaa keessatti kan galmaa'anii fi ragaa galmee dhiyeessummaa ministeera Maallaqaa irraa dhiyeessuu kan danda'an,
4. Dorgomtoonni baay'ina gatii waliigala meeshaalee gosa bittaa dookimantii tokko irratti dorgoman kabachiisa caalbaasii **Qar. 10,000 (Kuma kudhan)** (CPO) sanada caalbaasichaa waliin dhiyeessuu qabu,
5. dorgomtoonni maayikiroo fi xixiqqaa (IMX) Gosa bittaa fi baay'ina maallaqa irratti dorgomanii ibsuudhaan qaama isaan hundeesse irraa waajjira keenyaaf kallattiidhaan xalayaa wabummaa caalbaasichaa dhiyeessuu qabu ykn dorgomtooni dhunfaan dorgoman yoo jiratan kabachiisa caalbasii qar. **5000 cpo bankii daldala ityophiyaa** qabsiisuu qabu.
6. Dorgomtoonni gatii meeshaalee tokko tokkoo ittiin dorgoman sanada caalbaasii irratti guutuudhaan orijinaala isaa fi koppii isaa adda-adda-tti poostaa gagaadhaan saamsamee hanga **14/01/2018** Guyyaa keessaa sa'a 8:00**tti** waajjira Maallaqaa Aana Amboo kutaa .Bit/Bu/qabe. itti sanduuqa caalbaasii kanaaf qophaa'e keessa galchuu qaba. caalbaasiin kun guyyaa gaazexaa irratti ba'e guyyaa **29/12/2017** eegalee guyyaa hojii walitti Aanuuf guyyoota **15 (kudha shan)** qilleensa irra oola (sanadni ni gurgurama),
7. Caalbaasiin kun guyyaa armaan olitti lakk 5 irratti ibsame guyyaa keessaa sa'aatii **8:30**tti dorgomtoonni ykn bakka bu'oonni seeraa fi qaamoleen irratti hirmaachuu Qaban bakka argamanitti yoo argamu baatus ni banama.
8. Dorgomtoonni mo'atan yeroo waliigaltee mallatteessan gatii waliigalaa meeshaalee mo'atan irratti % 10 wabummaa raawwii caalbaasichaa baankiidhaan kan raggaasifame (CPO) seera qabeessa dhiyeessuu qabu. Dorgomtoonni mo'ataman ,(caalbaasicha kufan) mo'ataa fi mo'atamaan caalbaasichaa eega ifa ta'ee booda kabachiisni caalbaasii dura dookumantii caalbaasii wajjin galchan battalumatti fudhachuu ni danda'u
9. Dorgomtoonni mo'atan baasii kam iyyuu danda'uudhaan meeshaalee mo'atan mana kuusaa waajjira Maallaqaa Aanaa Ambootti dhiyeessuu qabu.
10. Gatiin dhiyaatuu VAT waliin ta'uu isaa ifatti ibsamuu qabaa.
11. Waajjirichi mala ykn filannoo biraa yoo argate caalbaasii kana gartokkeenis ta'e guutumaan guutuutti haquudhaaf mirga qaba.
12. Mo'ataan meeshalee Mo'ateef Yeroon Qulqulinaan Gosaan Dhiyessuuf Qaamaan Dhiyaatee Waliigaltee Mallettessuu Qaba.
13. Wajjirii gatti meeshaa kanfalu kan danda'u meeshaa gafatamee gutuumaan guutuuttii meeshaa gafatamee galii yoo tasisee qofadha.n **Odeeffannoo Dabalataaf lakk. Bilbilaa, 0967402122/0932495507/ 0910970750 Waajjirri Maallaqaa Aanaa Amboo**

---

**Caalbaasii Ifaa**

Bulchiinsa Magaalaa Shaggaritti Kutaa Magaalaa G/Guddaatti Waajjirri Maallaqaa A/Lakkuulee Gajjaa Bara baajataa 2018 Meeshaalee Seekterootaa Aanaa keenyaaf taajaajilu Meeshaalee Dhumeeyyi, Meeshaalee Barreefamaa Meeshaalee Qulqullina, Meeshaalee Elektirooniksii Meeshaalee Farniicharii Gommaa Konkolaataa Uffata seera caalbaasii Ifaatiin dorgomsiisee bituu barbaada

1. Dorgomtoonni Eyyama daldala seera qabeessaa bara 2017/2018 haaromseefii caalbaasii bara 2018tiif xalayaa caalbasii irratii hirmaachuu dandaa'an warren haaromsiifatanis ta'e eyyama daldala haaraa fudhatan (Tax cliraansii2017 waajjira Galiiwwan irraa dhiyyeeffachuu kan dand'u ta,uu qaba.
2. Dorgomtoonni raga dabalataa qabeenya(Vat galmee raga kaffalaa gibiraa(Tin Number) Waraqaa galmee daldalaafi waraqaa galmee dhiyyeesummaa keessatti kan galmaa'aniif ragaalee ifatti mul'atan dhiyyeffachuu kan danda'an.
3. Dorgomaa sanada caal basichaa bitachuu barbaaddan Wa/ Galiiwwan A/Lakkuulee Gajjaatti waliigala sanadaattii Qar.**500.00**(dhibba shan )kan hin deebine kanfaluun sanada caalbaasii bitachuun gaafa guyyaa beeksifni kun bahee irraa egalee guyyoota hojii mootummaa 15(kudha shan) qilleensa irra kan turu ta'a .Akkasumas sanada caalbaasicha poostaa saamsameen koppii fi Orjinaala tokko tokko poostaa qofaa qofaan sanduuqa maqaa mana hojjii keenyaan qophaa'e keessa galchu qabdu
4. Sanduuqni caal baasichaa Guyyoota hojii 15(kudha shan) banaa ta'ee turuun gaafa guyyaa 15(kudha shan) sa'a 4:00 irratti cufamee guyyuma kana sa'a 4:30 irratti bakka dorgomtoonni ykn bakka bu'oonni seera qabeessaa argamanitti sirni baniinsaa caalbaasichaa W/Maallaqaa A/Lakkuulee Gajjaatti bakka kutaan mijaa'etti ni banama.
5. Dorgomtoonni kabachiisa wabummaa caal baasichaa IMX ykn kan dhuunfaa sanada CPO Qar.**20,000**(kuma digdama)sanada caal baasii keessa waliin CPO baankiin mirkanaa'e maqaa Wa/ Maallaqaa Lakkuulee Gajjaa Baankii Siinqee Lakk.Herrega Baankii **1064911331213** qabsiisuu qaba.
6. Akkasumas dorgomaa mo'ate gosa meeshaa mo'ate irratti mana hojichaa waliin waliigaltee kan mallateessu ta'a.
7. Akkaata qajeelfama dabalataa qabeenya(**Vat)15%** keessaa bittaa raawwatamee qar.**20000** oli yoo ta,e karaa mana hojichaa **%7.5** citee kan hafu ta'e nagahee seera qabeessaa ni kennama akkasumas akkaataa qajeelfama ministeera maallaaqaa bittaa mootummaa qarshii kuma kudhan ol rawwatamuuf dhibbantaa **3%**kutee ambisuuf dirqama qaba.
8. Dorgomtoonni caal baasicha mo'atan hundi gosa meeshaa walii galtee raawwatan hundaa baasii mataa isaaniin Waaj/ Maallaqaa A/Lakkuulee Gajjaatti kuusaa meeshaatti dhiyyeesuu galii gochuu qaba.

Waajjirichi caalbaasii kana karaa fooyya'aa yoo argate guutummaanguutuutti ykn gartokkeen haquf mirga qaba **Odeefannoo Dabalaataatiif Lakk.Bilbilaa 0913205750' 0910585835 Bulchiinsa Magaalaa Shaggaritti Waajjira Maallaqaa A/Lakkuulee Gajjaa.**

# Wallagga

**Caalbaasii Bittaa Meeshaalee Marsaa 1ffaa**

Go/Qe/Wallaggaatti Waajjira Mallaqaa A/Daalle Sadii Baajata Bara 2018 1,Meeshaalee Dhumeeyyii 2,Meeshaalee Qulqullinaa 3,Meeshaalee ijaarsaa 4,Meeshalee Elektiroonksiifi Farnicherota 5, Meeshaalee Leenjii BLTO 6 ,Uffata Seeraa 7, Mootor Saayikilii 8,Gommaa Konkolataa fi Mootor Sayikilii, qaamoota heeyyama seeraa qabeessa qaban wal-dorgomsiisee caal-baasiin irraa bituu barbaada.

**Ibsa caalbasichaa**

Caalbasiin kun guyyaa Gaazexaa kallacha Oromiyaa irratt maxxanfamee baherraa eegalee ibsa meeshaalee kan qabate sanada (Dokument) guyyaa hojii 15f ta'ee sa'a dura 2:30- 6:30 sa'a booda 7:30-11:00tti Godina Q/W/A/D/Sadiitti W/M/A/D/Sadii Biiroo lakk.9 bittachuu kan dandeessan ta'uu ni ibsa .

Kanaafuu Ulaagaalee barbaachisan:-

1. Idaa mootummaa bara 2017tti bilisa ta'uun heeyyama isaanii 2018 kan haarefatan
2. VAT, TIN fi Galmee Facaatii dhiyeessaa ragaa isaa kan dhiyeeffatan, Akkasumas,Gibira kaffaluusaa waraqaa qulququllina Ragaa A/T/Galii irraa kan dhiyeeffatu.
3. Imx"N Aanaa ykn Godina biroo irraa dhufu xalayaa qulqullinaa qaama isa ijaare irraa dhiyeeffachuu qaba.
4. Ibsa dokumeentii bittaf qarshii 500.{dhibbaa shan ) W/Abbaa taayitaa Galiiwwan A/D/sadii kan kaffalu isaa kan ibsau nagahe isaa postaa teknikaa keessa kan galchuu.
5. Dorgomtonni kamiyyuu kabaachiisa caalbasii gatii tilmamaa bittaa waligalaa maqaa W/M/A/D/Saditiin qarshii 10,000.0 CPO CBE irraa bankiin dhaan mirkana'e ykn IMX yoo ta'an xalayaa deeggersaa qaama isan hundeessee irraa sanada Orijinaala caalbasichan walin qabsiisee dhiyeessuu qaba.
6. Mo'atan caalbaasii kana yemmuu walgaltee mallatteessuu wabii raawwii bittaa gatii waliigalaa meeshaalee mo'atan %10 cpo CBE baankiidhan mirkana'e kan qabsiisuqaba.
7. Sanada caalbaasii Tiknikaa kophii fi orijinaalaan postaa tokkon ta'ee, akkasumas Fayinanshalii Orijinalli postaa tokkon ta'ee,lamman isaa postaa guddaan bakka tokkotti seemiin ykn gagan_ cufame galuu qaba.
8. Haqaa fi laaqan fudhatama hin qabu.
9. Guyyaa Beeksiisii kun bahee eegalee hanga guyyaa hojii walitti aanuu 15tti bakkee kan turu ta'ee gaafa 15ffaa irratti sa'atii 8:00tti cufamee sa'aatii 8:30tti bakka abban dhimmaa ykn bakka bu'aan seeran bakka bu'ee bakka jirutti Kutaa bittaa W/M/A/D/Saditti ni banama.
10. Waajjirrii carraa biroo yoo argate caal-baasii kana guutumman ykn walakkan haquuf mirga qaba.**Odeeffannoo Dabalataaf Lakk. Bilbilaa 0910080712 ykn 0933980677 Waajjira Mallaqaa A/Daallee Sadii.**

---

**Caalbaasii Ifaa**

Godina Qellem Wallaggaatti Waajjirii Maallaqaa Aanaa Sadii Caanqaa bara bajataa 2018tti **Meeshaalee Elektrooniksii**, **Meeshaalee Farniicheraa**, **Meeshaalee barreeffamaa** , **Meeshaalee Barnootaa** , **Meeshaalee Qulqullinaa** , **Meeshaalee Dhumataa Biiroo keessaa**, **Meeshalee Dhaabbii, Gommaa konkolaata fi Uffannaa seeraa hojjetootaa** Daldaaltota heyyema seera qabeessa ta'e qaban wal dorgoomsiisee dhiyeessuu barbaada.

**Ulaagaa caalbaasii**

1. Gibira hojii bara 2017 kaffalee heyyema hojii bara 2018 kan haareffate heyyema haara'a kan qabu.
2. Galmaa'aa VAT ta'uu isaa Waraqaa raga federaalaa ykn A/T/Galiiwwanii irraa kan dhiyeeffatu.
3. Lakk. Eenyummeessa kaffalaa gibiraa (TIN) kan qabu.
4. Tarreeffama dhiyeessitootaa keessa jiraachuu isaaf raga kan qabu.
5. Adabbii bittaa irraa walaba akka ta'e ragaa kan dhiyeeffatu.
6. Sanada Caalbaasii qarshii hin deebine qar.300(dhibba sadii) Lakk.ACC. 1000213390582 CBE irratti galchuun nagaa waajjira Galiiwwanii A/S/Canqaatti jijjiirachuun kan dhiyeeffachuun bitachuu kan danda'u
7. Kabachiisa Caalbaasii erga gatiin caalbaasii ragga'ee kan deebi'u Qarshii 5000(kuma shan) qabsiisuu danda'u.
8. Mo'ataan Caalbaasichaa Kabachiisa Walii galtee qarshii 20,000(kuma digdama) Lakk.ACC. 1000213390582 CBE irratti galchuun silippi bankii dhiyeessee Walii galtee mallatteessuu kan danda'u.
9. Mo'ataan meeshaalee gaafatame kaffaltii dursaa malee baajata mataa isaan dhiyeessee galii ta'ee /galii godhee booda qarshiin isaa kan kaffalamuuf ta'a.
10. Mo'ataan caalbaasichaa meeshaalee ajajame guyyaa ajajame irraa eegalee guyyoota 5-10 giddutti dhiyeessuu kan danda'u.
11. Sanadoota dorgommiif barbaachisan Orijinaalaa fi koppii Poostaa adda addaa keessa gochuun oriijinaalli isa kam , koppiin isa kam akka ta'e adda baasee saamsuun laachuu isaa poostaa guddaa tokko keessatti Saamiin saamsee dhiyeeffachuu kan danda'u.
12. Dugda duubii poostaa hundi isaa iyyuu **Maqaa dorgomaa** , **Teessoo dorgomaa**, **Mallattoo dorgomaa** , **Chaappaa dorgoamaa fi lakk. Bilbilaa dorgomaa** qabaachuu qaba.
13. Yeroo galmee caalbaasii Hagayyaa **29/12/2017** hanga Fulbaana **12/01/2018** sa'aatii **10:00irra**tti kan geggeeffamu ta'a.
14. Bakki galmee Waajjira Maallaqaa A/S/Canqaa kutaa lakk. **9tti** ta'a.
15. Yeroon Cufiinsa Saanduqa Caalbaasii Fulbaana **12/01/2018** Saa'atii **10:30am** tti ta'a.
16. Guyyaan caalbaasiin itti banamu Fulbaana **15/01/2018** bakka dorgomaa/Bakka bu'aan dorgomaa seera qabeessa ta'e argamettti Sa'aatii **4:00 am** irratti ta'ee , bakki Kutaa Bittaa fi Bulchiinsa qabeenyaa Waajjirichaa lakk. **9 ffaatti**. ta'a.
17. Bakki Wal harkaa fuudhiinsa Mana kuusaa Waajjira maallaqaa A/S/Canqaatti ta'a.

**Hubachiisa :-** Waajjirichi Filannoo Biroo yoo argate Caalbaasicha gar-tokkeen ykn Guutummaatti haquu ni danda'a.**Odeeffannoo dabalataaf :- +251917583414 Waajjira Maallaqaa Aanaa Sadii Caanqaa.**

**Caalbaasii**

Godina Qellem Wallaggaatti Waajjirri Maallaqaa Bul/Magaalaa D/Dolloo Sekteraalee Magaalichaaf kan oolan bara baajataa **2018tti** Meeshaalee Barreeffamaa, Qulqullinaa fi Meeshaalee Biiroo keessaa, Meeshaale Elektirooniksii, Meeshaalee Farniicharii, Uffata Seeraa Hojjettootaa fi Gommaa Konkolaataa tajaajila sekteraalee Magaalichaaf kan oolu dhiyeessitoota Seera Qabeessa ta'an Caalbaasii ifaan wal dorgomsiisee irraa bituu barbaada

Haaluma kanaan dhiyeesitootni ulaagaa armaan gadiitti tarreeffaman guutuu kan danda'an dorgomuu ni danda'a.

1. Gibiraa Bara **2017** kaffalee Hayyama hojii Bara **2018** kan haaromsatee fi koppii isaa kan dhiyeessuu danda'u.
2. Koppii Waraqaa Ragaa Galma'aa VAT fi Lakk.TIN qabachuu isaa ibsuu kan dhiyeeffachuu danda'u.
3. Koppii Waraqaa **ragaa dhiyeessummaa** qaama Seera qabeessa irraa kennameef kan dhiyeessuu
4. Waraqaa Adabbii bittaa Mootummaa irraa bilisa ta'uu isaa ibsuu kan dhiyeeffachuu danda'u.
5. Sanada Caalbaasii Qar. **500.00** (Dhibba Shan) W/Galiiwwanii/B/M/D/Dollootti kaffaluudhaan bitachuun Nagahee isaa Poosta waliin dhiyeessuu kan danda'u.
6. Kabachiisa Caal baasii yeroo Sanada Caalbaasii galchuu Qarshii **4,000.00 (Kuma afur ) CPO** Baankii Qabsiisuun Poostaan saamsuun ykn IMX yoo ta'e Xalayaa Deggersaa kallattiin Waajjira Keenyaaf Barraa'e kan dhiyeessu.
7. Meeshaalee dhiyaachuu qaban hunda W/ra Maallaqa Bul.M.D.Dolloo tti geejjibsiisee waajjirichatti galchuu qaba.
8. Dorgomaan meeshaalee Sanada Caalbaasii irratti Gaafataman hunda isaa gatii isaa guutuun deebisuun ni dirqamama
9. Dorgomaan Ragaa barbaachisuu Sanada Faayinaansii Orjinaala Tokkoo(1) fi Koppii Tokko(1) akkasumas Sanada Teekinikaa Orijinaala Tokkoo(1) fi Koppii Tokko(1) Poostaa Kaakii addaa addaan saamsamee **arfan** isaa immoo poostaa Kaakii guddaa tokko keessatti saamsuun waajjira Maallaqaa Bul/M/D/Dolloo kutaa Bittaa Lakk. 4 tti Saanduqaa Caalbaasii kanaaf ka'ameetti galchuu qaba.
10. Guyyaa Galmee Gaafa Guyyaa **29/12/2017** hanga **23/01/2018**tti sa'a hojii Mootummaatti ta'a.
11. Guyyaa Poostan dorgomtoota itti dhiyaatu Gaafa Guyyaa **26/01/2017** Waaree dura Sa'aatii **02:30 hanga sa'atii 03:30tti** ta'ee, Gafuma Guyyaa **26/01/2017** Sa'atii **4:00** irratti W/ra Maallaqa B/M/D/Dollootti Kutaa A/Bittaatti bakka dorgomtoonni ykn bakka bu'oonni Seeraa jiranitti Koree Caalbaasiin Saaqama.
12. Waajjirichi filannoo adda biraa yoo argate caalbaasicha gar-tokkeenis ta'e ykn guutummaan guutuutti haquu danda'a

**Odeefannoo dabalataa kan barbaaddaniif Lakk. Bilbilaa Waajjirichaa kan ta'e 057 555 1661 ykn bilbiluun 0575550715 Waajjirri Maallaqaa Bul/Magaalaa Dolloo**

---

**Caalbaasii Ifaa Lakk 15/1/2018**

Godina Horroo Guduruu Wallaggaatti Waajjira Maallaqaa Aanaa Horroo bara **2018** tif Sekteroota Aanaa Horroo jala jiraniif:- Meeshaalee **barreeffamaa,** Meeshaalee **Qulqullinaa,Meeshaalee Biiroo keessaa, Elektroonikisii, Farniicharoota, Uffata seeraa Hojjettootaa ,Gommaa ,Kallamaderii** Daldaltoota Hayyama seera qabeessa qaban wal-dorgomsiisee Caal-baasii ifaatiin bituu barbaada.

1. Heyyama daldalaa seera qabeessa kan qabaniif Gibira bara **2017/2018** xalayaa caal-baasii irraatti hirmachuu danda'aan **(Tax Cleaners)** waajjira **Galiiwwaan** irraa dhiyeeffachuu kan danda'uu ta'uu qabu .
2. Galmaa'ota Taaksii **Dabalata Qabeenyaa (VAT)**,**Galmee kaffalaa Gibiraa** (**TIN Number**) **Waraqaa Galmee ragaa daldalaa** kan qabaniif raga kan dhiyeeffachuu danda'an.
3. Galmee dhiyeessitootaa keessatti kan galmaa'anii raga dhiyeeffachuu kan danda'aan fi bittaa isaa **20,000 (Qarshii kuma digdamaa)** oli ta'eef **3% (with holding)** kaffaluuf fedhii kan qabu .
4. Waajjirichi akka barbaachisummaa isaatti meeshaalee bitu hanga **20%** dabalee ykn hir'isee kan bitu ta'uu isaa beekee kan dorgomu.
5. Dorgomtootni sanadaa caal-baasicha waajjira **Galiwwaan** Aanaa Horrootti Qarshii hin deebinee 5**00.00(dhibba Shaan)** kaffaluun Sanadaa caal-baasii Waajjira Mallaqaa Aana Horroo irraa fudhachuu dandessu.
6. Beeksifni kun guyyaa ba'ee irraa eegalee guyyoota hojii **15 (kudha shan**) Keessaati sa'a hojii mootummaatti **2:30-6:30 tti** akkasumaas sa'a booda **7:30-11:30** ta'ee gaafa guyyaa hojii **15ffaa Godina Horroo Gudurruu Wallaggaatti** Waajjira Maallaqaa Aanaa Horrootti sanada caal-baasii dhiyeessa gatii keessaan poostaa **samii qabu** kan **cuqalameen** ykn **samsameen orijjinaala fi koppii** isaa sanduqaa caal-baasii mana hojii keenyaan qophaa'e keessaa galchuu qabdu.
7. Sanduuqni caalbaasichaa guyyoota hojii **15 (kudha shan**) banaa ta'ee turuun gaafumaa guyyaa kana sa'a 11**:00** irratti cufamee guyyumaa kan 11**:30** irraatti bakka dorgomtootni ykn bakka bu'ooni sirna baniinsa caal-baasicha irraatti hirmatanii xalayaa bakka bu'iinsa seera qabessa ta'ee qabatanii argamanitti Waajjira **Mallaqaa Aanaa Horroo** tti banama.
8. Dorgomtootni kamiyyuu Kabachiisa Wabummaa caalbaasicha qarshii **150,000 (kuma dhibbaa tokkoo fi kuma shantama**) **CPO** baankiin mirkanaa'ee maqaa waajjirrichan qabsiisuu qaba akkasumas dorgomaan mo'ate gosa meeshaa mo'ate irraatti mana hojiichaa waliin waliigaltee kan mallatteessuu fi meeshaa mo'ate irratti ida'ama waliigalaa keessa dhibbantaa (**%10) CPO** qabsiisuu dirqama qaba.
9. Dorgomtootni caal-baasicha mo'atan hundii gosa meeshaa walii galtee raawwatan hundaa baasii mataa isaaniin waajjira Maallaqaa Aanaa Horrootti dhiyeessuun galii gochuu qabu .
10. Waajjirichi karaa fooyya'aa yoo argatee guutummaa guutuutti ykn gar-tokkeen haquuf mirgaa qaba.

**Bakka Itti Argamuu;- Oddeeffannoo dabalataaf. Lakk. Bilbilaa 09-10-33-86-39 ykn 09-10-04-34-06 Godina Horroo Gudurruu Wallaggaatii Waajjira Maallaqaa Aanaa Horroo**

# Ispoortii




## Jijjiirraa taphattootaa ganna kanaan kilaboonni Piriimeer Liigii Ingilaandi paawundii bil. 3 ol baasaniiru

Jijiirraa taphattootaa ganna baranaa ji’a tokkoof gaggeeffamaa tureen Kilaboonni Piriimeer Liigii Ingilaand kan yeroo kamiirrayyuu caalaa maallaqa olaanaa baasuun taphattoota mallatteessifataniiru. Gatiin jijjiirraaf bahee bara 2023 paawundii bil. 2.73 rikkardiin qabamee tures bara kana fooyya’uun bil. 3.5 ol gaheera.

Kana keessaa kilaboonni kanneen akka Liiverpuul, Arsenaal, Maanchister Yunaayitid maallaqa olaanaa baasuun jalqabarratti warra eeramanidha. Cheelsiin baasii olaanaadha jedhamu baasus, taphattoota hedduu gurguruun kilaba bu’aa guddaa argate ta’uu danda’eera.

Baasii qulqulluu baasaniin Arsenaal paawundii mil. 257n wayita dursu, Liiverpuul mil. 218n 2ffaa, Maanchister Yunaayitid mil. 170n sadarkaa 3ffaarratti argama.

Galii olaanaa argachuunimmoo Cheelsiin paawundii mil. 300fi mil. 42n wayita dursu, Bornimaawuz mil. 200 fi mil. 38, Liiverpuul mil. 200 fi mil. 20n itti aanu. Liiverpuul rikkardii gatii jijjiirraa taphattootaa Piriimeer Liigii ganna kana yeroo lama fooyyessuu danda’eera. Alekzaander Isaakiif Yuuroo mil. 100 fi mil. 50, akkasumas Filooriyaan Wiirtiziif mil. 100 fi mil. 25 baase. Akka waliigalaattis taphattoota gatii guddaan malatteessan sadan Liiverpuuliif kan mallatteessanidha Huugoo Ekitiikee dabalatee.

Shaampiyoonaan Bara darbee Liiverpuul jijjiirraa bara kanaa keessatti hirmaannaa ho’aa kan taasise wayita ta’u, paawundii mil. 400 fi mil. 46 baaseera. Kunis gatii jijjiirraa ganna tokkotti ba’e olaanaa ta’e Cheelsiin bara 2023 qabamee ture paawundii mil. 400 fi mil. 34 olidha.

Taphattoonni jijjiirraa ganna kanaan gatii olaanaan itti baafaman shanan, Alekzaander Isaak Yuuroo mil. 100 fi mil. 50 wayita dursu, Filooriyaan Wiirtiz Yuuroo mil. 100 fi mil 25n 2ffaa, Huugoo Ekitiikeen mil. 95n, Niik Woltimeed mil. 85 fi Beenjaan Sheeshikooniin mil. 76.5 n hanga sadarkaa 5ffaatti jiru qabataniiru.

Waggoota sadan darban sadarkaa 2ffaan liigicha kan xumure gareen Maayikil Arteettaa Arsenaal haala kilabicha keessatti hin baratamneen maallaqa olaanaa ta’e baasuun bara dorgommii haaraa kanatti shaampiyoonaa ta’uuf jijjiirraa taphattootaa keessatti hirmaannaa ho’aa taasisuun taphattoota 9 mallatteessifateera. Seenaa kilabichaa keessatti kan jalqabaa ta’ee galmaa’eera.

Kilaboota Piriimeer Liigii Ingilaand irratti hirmaatan 20 keessaa taphattoota qaqqaalii walitti qabataniin gatiin isaanii waliigalaan paawundii bil. 1 ol kan ta’an afur qofadha. Isaanis Arsenaal, Liiverpuul, Cheelsiifi Maanchister Siitiidha. Tilmaamni shaampiyoonummaa bara dorgommii 2025/26s kilaboota kanneen keessaa ta’a jedhameetu eegama.

Piriimeer Liigiin Ingilaand liigiiwwan gurguddaa shanan addunyaa keenyaa keessaa jaallatamummaan kan dursu wayita ta’u, taphattootaaf maallaqa olaanaa baasuunis kan ittiin qixxaatu hin jiru. Jijjiirraa ganna baranaatiinis maallaqni baasan garaagarummaa guddaan jiraachuu mirkaneesseera.

Kilaboonni Piriimeer Liigii paawundii bil. 3.5 ol baasuun wayita dursan, Seerri An Itaalii paawundii bil. 1.1 ol, Bundesliigaan Jarmanii mil. 800 ol, Laaliigaan Ispeen mil. 600 fi mil. 8 ol akkasumas Liigi Waaniin Firaansi mil. 600 ol baasuun duraa duuba jiru.

*Dhaabbata Birihaaninnaa Salaamitti Maxxansame*